# BARIISAA

Bara - 47 Lak. 32 Bariisaa Fulbaana 4, Bara 2017

Sanbataa

(September 14, 2024) Qar. 10.00








# Bara 2017 milkaa'ina rogawwan maraan fakkeenya taasisuuf hunduu of qopheessuu qaba


**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee:** Bara 2017 bara milkaa'ina rogawwan maraan bara seenaa biyyattii keessatti yeroo mara eeramu taasisuuf hunduu of qopheessuu akka qabu Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) ibsan.

Barri 2017 bara idaan biyyattii itti kaffalamu, madaan ture itti wal'aanamu, abjuun barootaa itti qajeelu, hojiifi hojmaatni itti dhugoomu taasisuun hundi keenya haa qophoofnu jedhanii; milkaa'ina rogawwan maraa galmaa'u kanaan dhalootni ittaanu seenaa keessatti akka fakkeenyaatti akka kaasuuf cimnee hojjechuu qabna jechuun eeraniiru.

Barri kun bara karoorri biyyattii itti milkaa'u, ijaarsi pirojektotaa qulqullinaan itti xumuramu, waldhabbiin mariin itti furamu, cabiinsi barootaa mariifi haqaan itti suphamu, waa maraan of dandeenyuufi

*Gara fuula 18tti*


*Sheek Jamaal Muusaa*

# Namni hunduu nageenya akka agartuu ijasaatti kunuunsuu qaba

**Taammiruu Raggaasaatiin**

**Finfinnee:** Namni hunduu nageenya akka agartuu ijasaatti kunuunsuu akka qabu Manni Marii Dhimmoota Islaamaa Oromiyaa beeksise.

Manni marichaa erga ayyaana Mawuliidaa waggaa 1446ffaa boru kabajamu ilaalchisee ibsa Gaazexaa Bariisaaf kaleessa kenneen akka jedhetti, namni nageenyaaf xiyyeeffannoo akka kennuufi nageenyi jiruufi jireenya dhala namaa keessatti barbaachisaa ta'uu barsiisuuf Quraana keessatti waa hunda caalaa jechi, "nagaa" jedhu irra deddeebiidhaan barreeffameera.

*Gara fuula 15tti*

# "Barsiisota qorumsa ga'umsa ogummaa fudhatan 25000 keessaa kan darban muraasa"

*- Doktar Tolaa Bariisoo*

**Waasihun Takileetiin**

**Finfinnee:** Rakkoo qulqullina barnootaaf hudhaa ta'an keessaa ga'umsi ogummaa akaakuu barnootaa barsiisan mo'achuu dhabuun isa tokko yoo ta'u, hudhicha bu'uurarraa furuuf tattaaffiiwwan garagaraa taasifamaa turuun niyaadatama.

Haaluma kanaan bara barnootaa 2016 keessa barsiisota akka Oromiyaatti qorumsa ga'umsa ogummaa fudhatan 25000 keessaa kan darban muraasa ta'uu Hoogganaan Biiroo Barnootaa Oromiyaa beeksisan.

Hoogganaan biirichaa Doktar Tolaa Bariisoo turtii addatti Kibxata darbe Gaazexaa Baariisaa waliin taasisaniin hanqinni ga'umsa ogummaa rakkoo qulqullina barnootaaf sababa ijoo ta'uu kaasaniiru.

*Gara fuula 18tti*


*Suurri Haddush Abrahaatiin*

# Somaaliyaan dantaa Gibxiif Itoophiyaan waldhabuuf aggaamuun maal buufachuuf?


**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee:** Ummatni Itoophiyaafi Somaaliyaan aadaa, seenaa, jireenya hawaasummaafi dhimmoota biroon ummattoota hariiroo jabaafi walfakkeenya qaban ta'uu hayyootni seenaafi siyaasaa ni ibsu.

Seenaa keessatti ummatni hariiroofi walitti dhufeenya gaarii qabu sababa walgaareffannaa ilaalcha kominizimiifi kaappitaalizimiin shira koloneeffattootaan walwaraanuuf garaa jabaachuun ni yaadatama. Ummattoonni lameen shira kanatti dammaquun hariiroo gaarii duraan qaban haareffatanii erga nagaan waliin jiraachuu jalqabanii waggootni hedduun darbaniiru.

Haa ta'uutii, Itoophiyaan bu'uura seerri addunyaa eeyyamuun ulaa galaanaa argachuuf waliigaltee seera qabeessa

*Gara fuula 18tti*


*Pirofeesar Ahmad Zakkaariyaa*


*Obbo Muusaa Sheekkoo*

# ODUU

## Komishinichi marii sadarkaa bulchiinsota magaalaa lamaafi naannolee shanitti gaggeessaa ture

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Komishiniin Marii Biyyaalessaa marii bulchiinsota magaalaa lamaafi naannolee shanitti hawaasaafi qoodafudhattoota sadarkaa aanaafi naannootti gaggeeffamu goolabuu ibse. Ergaa baga bara haaraaf geessaniis dabarseera.

Komishinar Yoonaas Adaayyee (PhD) ibsa Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, komishinichi marii qaamolee hawaasaafi qoodafudhattootaa sadarkaa aanaafi naannootti gaggeeffamu milkaa'inaan goolabeera. Kanaafis, hirmaannaan qaamolee hawaasaa, qoodafudhattoota, namoota dhiibbaa gaarii uuman, paartiilee siyaasaa, abbootii amantaa gumaacha olaanaa qaba.

Akka ibsasaaniitti, raawwii komishinichaa hanga ammaatti jiruunis marii biyyaalessaatti namoota qaamolee hawaasaa bakka bu'an mariin akka adda ba'an taasisuun danda'ameera. Itti aansuudhaan sadarkaa aanaatti namootnii



bakka bu'aniifi ajandaalee sadarkaa naannootti ce'uun wayita ammaa calalliin ajandaalee gara goolabamuutti deemaa jira.

Adeemsawwan kunneen keessatti hirmaattoti iftoominaan yaada galtee marii biyyaalessaaf ta'a jedhan adda baasuun qindeessanii maqaa namoota marii biyyaalessaarratti hirmaatanii komishichatti kennaa jiru. Komishinichis marii xumuramee isa qaqqabe walitti qabaa jira jedhaniiru.

Naannoo Affaar, Somaalee, Oromiyaa yeroo dhiyoo keessatti akka goolabamu himanii; naannoo hojiin komishinichaa hinxumuraminiif itti hineegalamiin naannolee Amaaraafi Tigraayitti xumuruufis ta'e eegalchiisuuf komishinichi yaalii addaan hincinne taasisaa jira jedhan.

Haaluma kanaan naannoo Amaaraatii garee deeggartoota kilaastaroota magaalaa Baahirdaar, Dasee, Goondariifi Dabira Birihaanitti qooduudhaan leenjii kennameera. Leenjifamtoonnis hawaasatti gadbu'uudhaan hirmaattota hawaasa bakka bu'uun marii sadarkaa sadarkaan gaggeeffamurratti hirmaatan adda baasaa jiru. Akkuma haalli naannichaa fooyya'aa deemuun hojii naannolee birootti raawwatame naannichatti raawwachuuf qophii ta'uu ibsaniiru.

Tigraayittis akkasuma, hojii komishinichaa naannichatti eegalchiisuuf pirezidaantii bulchiinsa yeroo Geetaachoo Raddaa waliin si'a sadii mari'atameera. Akkasumas, hayyoota walin mariin gaggeeffamuu himanii; duubdeebiin argame marii biyyaalessaa gaggeessuuf yaadi gaariin akka jiru komishinichi hubateera jedhan. Haalli fooyya'ee akkuma naannichi komishinichaaf waamicha dhiyeesseen eegaluuf qophii ta'uus ibsaniiru.

Marii bulchiinsota magaalaa lamaafi naannolee shanitti gaggeeffametti hirmaannaan qaamolee hawaasaafi qoodafudhattoota milkaa'ina hojii komishinichaaf shoora olaanaa taphateera. Kanaafis, muuxannoo naannoo Beenishaangul Gumzitti qaamoleen duraan afaan qawween furmaata arganna jechaa turan marii akka wayyu hubachuudhaan mariirratti argamuunsaanii gaariidha. Naannolee birootti muuxannoo ta'ee babal'achuu qaba jedhaniiru.

Paartiiileen siyaasaa tokko tokkoofi qaamoleen bosona jiran akka maricharratti argamaniif waamichiifi yaaliin komishinichaa akka ittifufu himanii; muuxannoo komishinichi haala kanaan walfakkaatu Kolombiyaarraa argate akka isaan yaadasaanii bakka bu'iinsa qabaatan agarsiiseera jedhan.

## Oromiyaatti gaaga'ama balaa lolaafi sigiga lafaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Jijjiiramni haala qilleensaa sababa gocha dhala namaatiin uumamu jireenya lubbuqabeeyyii maraaf yaaddessaa erga ta'ee bubbuleera.

Itoophiyaatti balaan lolaa waqtii gannaa balaa eegamu ta'us ganna bara 2016tti garuu balaan sigiga lafaa haala hinbaratamneen miidhaa dhaqqabsiiseera. Balaan sigiga lafaa Godina Gaamootti mudate lubbuu namoota 220 olii galaafachuun godaannisa hamaa buusee darbeera.

Gaaga'amnisaa hanga kan Gaamoo ta'uu baatus Itoophiyaan hanga ammaattuu balaa sigiga lafaa keessummeessaa jirti. Oromiyaattis balaan lolaafi sigigni lafaa rakkoo hammaataa ta'uun ibsameera.

Hogganaa Ittaanaan Biiroo Buusaa Gonofaa Oromiyaa Mallichaa Lojee (PhD) tibba darbe miidiyaaleef akka ibsanitti, rooba cimaa roobaa jiruun hidhaan Qooqaa, Haroon Basaqaa, Lagni Awaashiifi kanneen biroo akka malee waan guutaniif of eeggannoon balaa lolaa taasifamuu qaba.

Roobni cimaan hanga dhuma baatii Fulbaanaatti akka roobu raagni haala qilleensaa waan ibsuuf of eeggannoo cimaan taasifamuu qaba. Keessattuu Shawaa Lixaa aanaalee sadii, akkasumas Shawaa Kibba Lixaatti aanaaleen afur sodaa balaa lolaa Laga Awaashiif saaxilamoo ta'uun adda ba'eera. Hanga ammaatti hojii hojjetameenis lubbuqabeeyyiifi qabeenya uumamaa



mancaatiirraa baraaruun danda'ameera.

Haaluma walfakkaatuun balaan sigiga lafaa Oromiyaa bakkoota hedduutti yaaddoo guddaa uumeera. Godina Jimmaa aanaalee Geeraafi Gommaatti abbootiin warraa 871 kanneen maatii 3,454 of jalatti hammatan balichaaf saaxilamaniiru.

Godina Qellem Wallaggaattis tibba darbe sigigni lafaa mudachuun ni yaadatama. Waliigalaan Oromiyaatti godinaalee 14fi aanaalee 71 balaa lolaafi sigiga lafaaf saaxilamoo yoo ta'an, namootni kuma 903 ol rakkoof saaxilamuu akka malan hubatamee irratti hojjetamaa jiraachuu Doktar Mallisaan hubachiisaniiru.

Itoophiyaa dabalatee biyyootni Afrikaa Bahaa waggoota muraasaa as hongee sababa jijjiirama haala qilleensaatiin mudatuun irra deddeebiin hubamaa jiru. Hongeen waggoota shanan darban Afrikaa

*Gara fuula 15tti*

## Finfinneetti barattoota Afaan Oromoo %20n dabaluuf koroorfame

Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Finfinneetti bara 2010 Afaan Oromootiin barnootni kennamuu yommuu eegalu afaanicha barachuuf warra jaalala qabaniif gammachuu guddaa yommuu ta'u warraa jibba sabichaa qabaniif ammoo yaaddoo guddaa ta'ee ture.

Yeroo san afaan saba guddaa kanaan Finfinneetti barnoota laachuun akka wanti addaa ta'e tokko uumameetti, akka seerri cabeetti odeeffamaa turus, magaalichatti sirni barnoota afaan Oromoo dhiibbaa hunda dandamatee har'a sadarkaa manneen barnootaa hunda keessatti baratamurra ga'ee jira.

Biiroo Barnoota Magaala Finfinneetti Daarektarri Sirna Barnoota Afaan Oromoo Obbo Tashoomaa Qanaasaa akka jedhanitti, Finfinneetti Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 2010 bajatasaatiin manneen barnoota Afaan Oromoo Kutaa Magaalaa afuritti: Boolee, Gullallee, Eekkaafi Kolfeetti barsiisuu jalqabsiise.

Bara 2011tti ammoo bulchiinsi magaalaa Finfinnee manneen barnootaa jalqabaman kunneen itti fufsiisuufi haaraa babal'isuuf Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa waliin sirna walharkaa fuudhinsaa raawwatee hojiisaa itti fufe. Yeroo hojii kana jalqabus humnootni afdaneessummaafi aaddaneessuummaa arguu hin feene waldhabdeefi jequmsa garaagaraa uumaa turaniiru.

Haa ta'u malee, waan bulchiinsi magaalichaa kutannoo guddaa qabuuf, manneen barnootaa afur keessatti jalqabee, manneen barnoota mootummaa magaalichaa hundatti

*Gara fuula 15tti*



*Obbo Tashoomaa Qanaasaa*



*Doktar Yoseef Beekoo*

# Ijoo Dubbii

## Bara barnootaa gaarii




"Barnootaa; barnootaa ammas barnootaa kana ta'uu qaba kaayyoon Oromootaa" jedhe Artisti Alii Birraa, lammiin baratee mirgasaatiif falmu biyyasaaf wabii; jireenyasaaf abdii ta'uu mul'isuuf.

Barnoota qulqullina qabuufi sadarkaasaa eeggate biyyattiitti dhugoomsuuf tattaaffii cimaan taasifamaa jira. Oggaa waa'een barnootaa keessumaa kan Oromoo ka'u gumaacha qabsaa'ota/hayyootaa dagachuun hindanda'amu.

Bara dukkanaa sana keessatti barnoonni meeshaa qabsoo kamuu akka caalu kan hubatan dirreen hayyoonni durii qabsoofi iddoon jiran osoo isaan hin daangessiin sabni akka baratuuf hojjetaniiru; qabsaa'aniirus.

Hundaa'ol salphina hiyyummaafi boodatti hafummaan itti dhuferra aanuuf ammoo barnoonni meeshaa bakka bu'aa hinqabne ture. Barnoonni madda bilisummaa hundagaleessaa ta'uunis labsame; "Nama baratetu mirgasaa gaafata" jechuun.

Hoggansi jijjiiramaa har'as hojmanee barootaaf kuufame waliin waldhaansoorra jira. Cabni dinagdee, siyaasaafi yaadqalbii ummataa inni guddaan barnootaan kan dhufeefi waldhaansoo barnootaafi sirnasaarrattii taasifamuun kan guutamuufi suphamu ta'uu hubatamee hojjetamaa jira.

Gatiin barnoota qulqullina qabu babaldhisuuf taasifamu, dhaloota hedduu gara fuulduraatti dhufurraa hojmanee kan salphisu qofa osoo hintaane daran kan fayyaduudha.

Akka sabaatti egeree dhaloota sirressuufi murteessuun kan danda'amuu waan har'a hojjetamuu qabu raawwachuun waan ta'eef har'umarraa kaasee ittiseenamuu qaba.

Gama hirmaannaatiin ummanni of qusannaa tokko malee barnoota deeggaru baay'inaan waan jiruuf carraa kanatti sirnaan fayyadamuunis dhimma daran murteessaadha. Keessumaa Oromoon duudhaadhumasaatiin dhalasaa ofiin olitti waan ilaaluuf, yaadama 'Ilmoon abbaafi haadha hincaalle ilmoodhaa?" jedhuun waan qubuufi hinqabneen dhalasaatiif ifa baasuuf tattaafachuun beekama.

Barnoota cichee kan deeggaru ilmoonsaa beekumsa, ogummaafi kkf akka isa caalu hawwuuni. Hawwuu qofa otoo hintaane ijaarsaafi haaressa manneen barnootaarratti hirmaachuun dinqii hojjeteera, hojjetaas jira. Ummanni kana gochuusaatiin egeree ilmaansaa murteessaa jira jechuudha.

Akkuma armaan olitti kaafne, rakkoo siyaas-dinagdeefi hawaasummaa walxaxaa har'a nu haguuge mo'achuuf, akkasumas carraalee jiranitti sirnaan fayyadamuuf furmaanni qabnu tokko barnoota qofa.

Kanumarraa ka'uun mootummaan Naannoo Oromiyaa dhaloota dorgomaa, saayinsiifi teknolojiidhaan tarkaanfate akkasumas beekumsa aadaafi duudhaasaa kabaju horachuu akka akeeka ijootti qabatee xiyyeeffannaan hojjetaa jira.

Bara barnootaa baranaatiifis daree barnootaa haaraa kuma tokkoofi 931 dabaluun, kuma jahaafi 117 suphamuun, bishaan 811 galchuun sirni baruu barsiisuu kan duraarra fooyyessuuf qophiileen taasifamaniiru. Manneen barnootaa Oromiyaa kuma 37fi 959tti, barattoota miliyoona 12.3 barsiisuufis karoorfameera.

Gama kaaniin hudhaalee qulqullina barnootaa keessaa tokko kan ta'e waa'ee ga'umsa ogummaa barsiisotaarratti mul'atu furuuf xiyyeeffannaan hojjetamaa akka jiruudha hogganaan Biiroo Barnoota Oromiyaa turtii tibbana Bariisaa waliin taasisaniin kan eeran. Firii gadaanaan akka biyyaatti qormaata kutaa 12ffaa bara 2016n galmaa'e kanaaf agarsiistuu gaarii waan ta'eef dhimma mirkaneessa ga'umsaa kanarratti gadifageenyaan hojjechuu barbaachisa. Baruu barsiisuu bara 2017 karaa si'ataafi qulqullina qabu waliin gahuun harcaatii mudachuu malurratti ammuma, yeroo barnoonni jalqabamu kanarraa kaasanii xiyyeeffanaan irratti hojjechuun murteessaadha.

Gama hundaan milkaa'ina hojii baruu barsiisuu baranaatiif rakkoo dhiyeessii akka kitaabaa baroota darban hudhaa ta'aa turanii furaa; barattoonni, barsiisonniifi dhimmamtoonni damichaa marti boru otoo hintaane har'umarraa kaasanii socho'uu qabu.

*Bara barnootaa gaarii!*


## Bariisaan

**Guraandhala bara 1969 hundaa'e.**
**Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,**
**Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.**

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

**Gulaalaan**
**Charinnat Hundeessaa**
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com
email-cherenethundessa@press.et
Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Qopheessitootni:**
*Saamraawit Girmaa*
*Natsaannat Taaddasaa*
*Bayyanaa Ibraahim*
*Waasihuun Takilee*

**Adeemsisaa Hojii**
*Bil. 011-126-42-22*


**Kutaa Beeksisaa:**
*Bil. 011-156-98-73*

**Raabsa Gaazexaa**
*Bil.011-157-02-70*

**Faaksii Kutaa Qophii**
*251-011-1-5698-62*
*L.S.P 30089*
*email-bariisaa@press.et*

*Ethiopian Press Agency*


# Yaada/Ajandaa




## Ergaawwan guyyoota Qaam'ee keessaa

**Jiruu Qananiitiin**

Waggoota muraasaa as biyya keenyatti ji'a 13ffaa Itoophiyaa ta'uun kan beekamtu Qaam'eef guyyootashii shanan /jahaniif moggaasni wayitaawaa adda addaa kennamuun kabajamaafi ergaawwan ciccimoon gara waantota darban yaadachiisaniifi kallattii egeree agarsiisuun galaa ta'an keessumaa karaa hoggansa biyyaafi seektaroota dhimmi ilaallatuun xiyyeeffannaan darbu. Nutis kan ergaawwan Ministira Muummee Abiyyi Ahmad ('PhD') akka ittaanutti dhiyeessineerra.

**Guyyaa Ce'umsaa**

As kan geenye wantoota hedduu ceeneeti. Albeen hinluqqifamne, eeboon hinmirmirfamne, kiyyoon hinkaa'amme, shirri hinxaxamne, boolli hinqotamne hinturre. Gargaarsa uumaatiin hundumaa ce'aa jirra.

Waraana, weerara koronaa, walittibu'insa, garee awaannisaa, bu'aa bayii Hidha Haaromsaa ceeneerra. Kanneen biroos ce'aa jirra. Nuti warra ce'udha. Kan nuceesisus kan hincabneedha. Gamatti hinhafnu. Gidduuttis hinkufnu. Injifannoodhaan akka ceenu shakkii tokkollee hinqabnu.

**Guyyaa Riifoormii**

Warraaqsi isa hamaas isa tolaas walumattiqabee nujalaa duguugeera. Dhaabbilee ce'an ijaaruu nu hindandeessifne. Kanaafi, kan riifoormii filanne. Madaallee, calallee, qorannee kan nuu tolu ni fudhanna; kan nuu hintolle ni dhiisna.

Yaadama kanaan milkaa'inoota guguddoo galmeessisaa jirra. Riifoormiiwwan siyaasaa, dinagdee, kan dameewwan nageenyaa, seeraa, qonnaa, barnootaa, siiviil sarviisii milkeessaa adeemaa jirra. Walta'iinsaan yoo hojjenne riifoormiin nuti hinmilkeessine, badhaadhinni bira hinga'amne hinjiraatu.

**Guyyaa Birmadummaa**

Birmadummaa keenya eegnee jiraachuun keenya nuboonsa. Birmadummaan daangaa biyyaa qofaasaa akka hindhaabanne garuu hubanneerra. Birmaddummaan gama hundaan ta'uu qaba.

Birmadummaawwan nyaataa, teknolojii, bajataa, biyyaa isa guddaa cimsanii kan dhaabaniidha. Dameewwan birmadummaa kanneen kabachiisuuf gootummaa akaakuu haaraa nubarbaachisa. Gootummaa biyyaalessummaa.

Gootummaan biyyaalessummaa bakka itti bobbaane hundattuu birmadummaa Itoophiyaa gama hundaa kabachiisuuf aarsaa yeroo, beekumsaa, kan maallaqaafi humnaas kaffaluudha. Biyyi ilmaansheetiin ijaaramti, eegamtis.

**Guyyaa Daneessummaa**

Itoophiyaan biyya saboota, afaanota, aadaawwan, amantaawwan, qaroominootaafi gootota hedduuti. Itoophiyaan daneettiidha. Hunduu kan nuyiin nuu kennaman, keenya. Hundayyuu ni kabajna; hundaanuu ni boonna.

Sabdaneessummaan keenya bifa keenya, tokkummaan keenyammoo waa'ee jiraachuu keenyaati. Kennaawwan danummaa kunneen biyya tokko, Itoophiyaatti kan argamaniidha. Kaayyoon keenya hawaasa siyaasaafi dinagdee tokkoo ijaaruudha. Galmi keenya badhaadhina Itoophiyaati. Tokkummaan keenya kana. Daneessota faffacaane miti; akaakuu walitti baqne tokkos miti. Nuti Itoophiyaanota tokkummaa sabdaneessa qabnuudha.

**Guyyaa Egeree**

Kaleessi dhumeera. Har'is xumuramaa jira. Bor garuu ammayyuu hintuqamne. Boritti fayyadamuuf garuu har'a hojjechuu qabna.

Hidhi Haaromsaa, pirojektonni Maaddiin Biyyaafiifi Maaddiin Dhalootaaf, daandiiwwaniifi hidhawwan, hojiileen ijaarsa dhaabbilee, Ashaaraa Magariisaafi Itoophiyaan Haa Oomishtu, Misoomni Kooriidariifi Maaddii Guutuun, Itoophiyaa Dijitaalofteefi sooruun manneen barnootaa, Mariin Biyyaalessaafi Haqni Ce'umsaafaan akka boru kan wayyu ta'uuf hojiilee hojjennuudha.

Dhaloonni egeree Itoophiyaa daran wayyitu akka dhaalu kan mirkanaa'edha. Boriif har'a waan hojjetaa jirruuf.

# ODUU

## Qeellam Wallaggaatti namootni kuma 89fi 773 dhibee busaatiin qabaman

**Taammiruu Raggaasaatiin**



**Finfinnee:** Godina Qeellam Wallaggaatti namoota mallattoon dhibee busaa irratti mul'atee qorannoon taasifameef kuma 160 keessaa namoota kuma 89fi 773rratti dhibeen busaa kan argame ta'uu Waajjirri Fayyaa Godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Yoonaas Ittaanaa ibsa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf kennanii akka jedhanitti, jijjjiirramuu haala qilleensaatiin walqabatee dhibeen busaa aanaaleefi gandoota godinichaa hundatti mul'ateera.

Kanaan dura dhibeen busaa aanaalee gammoojjitti malee baddaafi badda dareetti hinmul'atu ture, barana garuu, hammi tatamsa'ina dhibichaa aanaadhaa aanaatti gargar ta'us aanaalee hundatti mul'ateera.

Rakkoo bara darbeerraa muuxannoo fudhachuun barana tatamsa'ina dhibichaa hir'isuuf durfamee sadarkaa godinaatii hanga aanaatti taaski foorsii hundeessuudhaan hojiitti kan galamuu himanii; hojii hojjetameen tatamsa'ina dhibichaa hir'isuun danda'amuus ibsaniiru.

Dhimmichi dhimma lubbuu baraaruu waan ta'eef qaamni hundi xiyyeeffannoon akka hojjetu taasisuun, iddoowwan walhormaata bookee busaa adda baasuun to'achuun, hubannoo hawaasaa cimsuun, bu'aqabeessummaa taaksi foorsichaa guyyaa guyyaadhaan madaaluun baay'ina lubbuu namaa darbuuf maluu dachaa hedduun hir'isuun danda'ameera. Ta'us dhibichaan barana lubbuun namoota 12 darbeera jedhan.

Bara darbe waqtii kana dhibichi namoota kuma 360rratti mul'atee akka ture yaadachiisanii, hojii xiyyeeffannoodhaan hojjetameen barana tatamsa'ina dhibichaa hir'isuun danda'ameera jedhaniiru.

Akka bardheengaddaa osoo hintaane barana hanqinni qorichaas kan hinjirre ta'uu himanii; namoota dhukkubichaan qabamuunsaanii mirkanaa'e hundaaf qorichi kennameefii jira jedhaniiru.

Sababa rakkoo nageenyaatiin konkolaattotni hedduun gubachuurraan kan ka'e aanaalee hedduun hanqina geejibaa kan qaban ta'us, deggarsa dhaabbilee mitmootummaa kanneen akka Waldaa Qaxxaamura Diimaafi Biiroo Fayyaa Oromiyaatiin qorichaafi dhiyeessiwwan biroo dhiyeessuun danda'ameera.

Biiffaa keemikaalaa farra bookee busaan wal qabatee hanqinni keemikaalaa kan mudate ta'uu himanii; gandoota godinichaa 279 keessaa gandoota 159 qofatti hojiin keemikaala biifuu gaggeeffame jedhaniiru.

Gandoota rakkoo nageenyaa hammaataa qaban muraasattis ogeessota bobbaasee hojjechuuf yaalus sababoota adda addaatiin kan hinmilkoofne ta'uu Obbo Yoonaas ibsaniiru.



*Obbo Yoonaas Ittaanaa*

## Daneessummaa miidhagina Itoophiyaafi Itoophiyaanotaati

**Taammiruu Raggaasaatiin**

Finfinnee: Itoophiyaan biyya sabaafi sablammootni 80 ol eenyummaa, seenaa, afaaniifi aadaa garagaraa qaban waggoota hedduuf waliin jiraataniidha. Sabootni kunneen eenyummaa daneessa keessatti Itoophiyaa waloo taate kan ijaarrataniifi waliin qabanidha.

Duudhaaleen, barsiifanni, sirnootni, falaasamni, haalli nyaataafi uffannaa dinqisiisoon sabaafi sablammootni kunneen qaban hambaa seenaafi miidhagina ta'ee biyya seenaafi aadaa boonsaa qabdu Itoophiyaa jechisiisa.

Sabaafi sablammootni kunneen eenyummaasaanii qabatanis kan ijaarsa biyyaa keessatti gahee hinqabne tokkollee hinjiru. Bara sirna gita bittaa keessas gamtaadhaan waraanaa Adwaarratti hirmaachuun dhiigasaanii dhangalaasaanii, lafeesaanii caccabsanii Itoophiyaan biyyoota Afrikaa keessaa biyya hinkoloneeffatamne taasisaniiru. Kanaanis seenaa boonsaa hindagatamne galmeessisaniiru.

Biyya ijaaruufis aarsaa kaffalamu hunda waliin kaffalaa turaniiru, aggammiifi weerara diinota baroota adda addaatti seenaa keessatti biyyarratti taasifamaa ture keessattis walumaan aarsaa kaffaluudhaan birmadummaa biyyasaanii eegsisaa har'a gahaniiru.

Sirnoota mootummoota garaagaraa darban keessa gaaffiin eenyummaa isaan gaafatan hedduusaaniif deebii kan hin arganne ta'us, akka isaan birmadummaa biyyasaanif hindhaabbanne isaan hintaasifne.

Humnootni weerartoota alagaa sabdaneessummaa biyyattii kana akka carraa gaariitti fayyadamuun tooftaa bituuf isaanif mijatu tooftaa adda qoqqoodanii bituu bocanii hojjechaa turanis Sabaafi Sablammoota

*Gara fuula 19tti*




Mijuu

BARIISAA SANBATAA Fulbaana 4 Bara 2017

## Feestivaala Goobeefi Shinooyyee: Sirna aadaan bade akka deebi'u taasisaa jiru

fuula 17





## "Tajaajila geejibaa caalaatti si'eessuuf caaseffama kilaastaraa diriirsuun barbaachisaadha"

- *Obbo Mahaammad Tashitaa, Ittigaafatamaa Ejensii Geejibaa Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee*

fuula 6



## "Imaammanni manneen barnootaa addaafi bultii addaa bu'aa buusaa waan jiruuf ciminaan irratti hojjetama"

*- Doktar Tolaa Bariisoo*

fuula 14

## KEESSUMMAA BARIISAA

# "Tajaajila geejibaa caalaatti si'eessuuf caaseffama kilaastaraa diriirsuun barbaachisaadha"

*- Obbo Mahaammad Tashitaa, Ittigaafatamaa Ejensii Geejibaa Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee*

**Charinnat Hundeessaatiin**

*Sadarkaa guddinniifi fedhiin hawaasaa irra gaherraa ka'uun tajaajila geejibaa ammayyaa diriirsuun murteessaadha. Kana dhugoomsuuf ammoo humna nama barateefi teknolojii addunyaan irra geessetti fayyadamuun daran murteessaadha.*

*Dameen geejibaa dameelee rakkoon bulchiinsa gaariifi hanqinni naamusaa itti mul'atan keessaa isa tokko. Buufataaleen konkolaataa naannichaa damee komiin ummataa ittimul'atuudha. Rakkoo kana furuuf tajaajila buufataalee dijitaalessuun barbaachisaadha.*

*Buufataalee konkolaataa adda addaatti tajaajilli taariifa ibsuufi tikeetiin dijitaalaa jalqabameera. Kaameeraan dhoksaas buufataalee konkolaataa Adaamaafi Shaashamannee fa'itti maxxanfamaniiru. Tajaajilichaan konkolaattota baay'ina namaa eeyyamameen ol fe'aniifi taariifaa ol kaffalchiisan to'achuufis hojmaanni diriireera.*

*Kana malees rakkoo bulchiinsa gaarii, komiifi iyyannoo ummataa buufata konkolaataatti mudatuuf sararri odeeffannoon ejensichaaf kennamuun bilbila tolaa 8556 diriirfameera.*

*Ejensiin Geejiba Oromiyaas tajaajila geejibaa ammayyaa'aa, si'ataafi dhaqqabamaa taasisuuf riifoormii geejibaa lafa qabsiisuun buufataalee konkolaataa sadarkaasaanii eeggatan magaalota naannichaatti bal'inaan hojjechiisaa jira. Kanneen ijaarsisaanii xumuramee tajaajila kennuu jalqabanis hedduudha. Kanneen keessaa kan Magaalaa Shaashamannee isa tokko.*

*Nutis dhiyeenya wayita hojiif gara Shaashamannee deemnetti haala itti buufanni konkolaataa magaalattii haala daran hawwataa ta'een ijaarame tajaajila kennaa jiru qaamaan argamnee mil'anneerra.*

*Imaltoonni dubbisnes haala kenna tajaajilaa buufatichaatti kan gammadan ta'uu haala duraan ture wajjin walbira qabuun nuu ibsaniiru. Waliigalaan haalli kenna tajaajilaa buufatichaa maal akka fakkaaturratti Ittigaafatamaa Ejensii Geejibaa Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee Obbo Mahaammad Tashitaa waliin gaafdeebii taasisneerra.*



**Bariisaa: Buufanni konkolaataa kun yoom tajaajla jalqabe?**

**Obbo Mahaammad**: Buufanni konkolaataan kun bakkuma duriitti bifa haaraan kan ijaarame yoo ta'u, eebbifamee tajaajila kan jalqabe Waxabajjii 27 bara 2015tti.

**Bariisaa: Buufanni konkolaataa kun maal maal of keessaa qaba?**

**Obbo Mahaammad**: Buufanni duraanii tajaajila kennuuf mijataa hinturre. Amma garuu haallisaa gama hundaan mijataadha. Duraan keessisaa biyyoo waan tureef mijataa hinturre. Amma asfaaltii gurraachaan uwwifameera. Dallaansaas sadarkaa kan eeggateedha. Imaalaafis ta'e konkolaataaf haalli mijataan uumameera.

Kun kenna tajaajilaa keenyas daran kan fooyyesseedha. Duraan taariifa dabaluufi darbaa fe'uun mul'achaa tureera. Amma jalqaba imalaan garana dhufu tikeetii fudhateeti. Tikeetiidhaan tajaajila kennina. Buufata kanatti sararawwan ga'umsaa 27 buufataalee lama keessatti kan keessummeessinu. Buufanni kun sarara 19 qaba. Buufanni 2ffaan kan bakka Araadaa jedhamutti argamus jira.

Buufata sararoota 19 qabu keessatti gatii imalaan itti imalu tikeetiidhaan kennama. Dhaabbanni akka naannootti tikeetii dhiyeessuuf dorgomee darbe hojjetaa jira.

Dhaabbatichi faayidaasaa dhibbantaadhaan herregata (harka lama qofa) argata. Imalaan gaafa mooraa buufata konkolaataa keenyaa seenu tikeetiisaa qabatee konkolaataa keessa gala. Tikeetiin akaakuuwwan lamaan kennama. Tajaajilli tikeetii onlaayiniidhaan gamoo kana keessatti kennama. 'Off line' meeshaan piriinti godhu jira. Bakkuma konkolaataan dhaabatutti imalaan ni dhufa, piriintariin harkaa achuma waan jiruuf achumatti kennamaaf.

Konkolaataa fuuldurasaatti ilaalee achumaa tikeetii kutatee seena jechuudha. Sararoota tokko tokko kanneen maamila baay'ee hinqabne onlaayiniidhaan gamoodhuma kana gara jalaatti bakka tikeetiin ittimuramu qabna. Gaafa tikeetii muratanii gadi bahan konkolaataan fuuldurasaanii jira jechuudha.

Akka hanni hinraawwatamneef, seeraan ala hinfeeneefi akka imalaan konkolaataa barbaacha hindhaamaneef buufaticha bakkawwan lamatti adda baasne. Iddoon tokko bakka dhaabbii bakki hafe ammoo iddoo imalaan ittife'amuudha jechuudha. Konkolaataan dabareedhaan dhufee sarara qophaa'eef irratti nama qabatee deema. Kana keessatti waa'een taariifaan ala kaffalchiisuufi darbaa fe'uu hin yaadamu jechuudha. Gochoota seeraan alaa kunniin hojmaata kanaan hambisuu dandeenyeerra. Kana qofa miti namni duraan aduufi qilleensa keessatti rakkachaa ture gamoo keessatti akka taajilamu taasifameera. Kaafteeriyaan sadarkaasaa eeggate imalaaf tajaajila kennu mooraa kana keessa jira. Suuqiiwwan adda addaas jiru.

**Bariisaa: Haalli bobbii konkolaataa maal fakkaata?**

**Obbo Mahaammad**: Konkolaataan tikeetiin muramuuf malee bobbiif ba'uu hindanda'u. Yoo sarara tokkorratti namni baay'ateefi konkolaataan hanqate sararoota qabnurraa gara namni baay'atetti ramaduun akka imalaan tajaajila gahaa argatu gochaa jirra. Namni sarara kanarra konkolaataan hinjiru jedhee dhabee deebi'u hinjiru.

Fakkeenyaaf sarara Kofaleerratti imalaan ni baay'ata. Konkolaattota dabaree Finfinnee eeggatan hunda gara Kofaleetti ergina jechuudha. Kan Walaayittaas yoo rakkoo qabaate kan Finfinneerraa gara Walaayitaatti ramadna jechuudha. Kanaaf haala kanaan rakkoo mudatu hordoffiidhaan furaa jirra.

Tajaajilli kenninus qindaa'aadha. Dur bakki tajaajilli geejibaa caasaa godinaafi kan Magaalaa Shaashamannee iddoowwan gara garaa ture. Gamoo kun caasaalee lamaan kannneen bakka tokkotti fideera.

Abbaan dhimmaa tajaajila barbaacha gara waajjiraa dhufus buufatuma kana keessa jira. Godinniifi magaalaan walbiratti karaa gabaabaafi qindoomina qabuun tajaajila kennaa jiru. Waajjiraaleen as jiraniif konkolaachisaan asii bahee otoo bakka biraa hindeemiin asumatti tajaajila barbaadu argata.

**Bariisaa: Tajaajilli kennitan gama ammayyummaatiin maal fakkaata?**

**Obbo Mahaammad**: Tajaajilli as keessatti kenninu dijitaalawaadha. Akka durii haardi koppii wajjin baay'ee hinrakkannu. Faayilli hundi sistamii keessa galaniiru. Adabbiiwwaniifi gibira adda addaa dabalatee kaffaltiiwwan hundi karaa hojmaata dijitaalawaatiin akka raawwataman taasifameera. Kaffaltii kamuu raawwachuuf akka durii faayilii gaggaragalchuun hafeera. Abbaan dhimmaa tajaajilawwan barbaachisoo hunda asumatti argata.

**Bariisaa: Waldaalee meeqatu asitti hojjetaa jira?**

**Obbo Mahaammad:** Dhimmi biraa xiyyeeffannaadhaan irratti hojjenne waa'ee waldaalee geejibaati. Waldaalee muummee torbatu jiru. Dameeleesaanii dabalatee kanneen tokko tokkoosaanii jala jiran wajjin gara waldaalee 47tu jira. Waldaaleen geejibaa kanaan dura alatti bakka hojii kireeffatanii bobbii kennaa turan. Amma suma keessatti waajjira sadarkaasaa eeggate akka ijaarratan taasisne. Karaa kanaan tajaajilli waldaalees kan gama ejensiitiin kennamus akkasumas sistamiinsaa mooraadhuma kana keessatti argama.

**Bariisaa: Mooraa kana tajaajilli akka garaajiifaa jiraa? To'annoon seeraan alummaa hoo maal fakkaata?**

**Obbo Mahaammad**: Eeyyee. Mooraa kana keessatti tajaajilli akka laabaajoofi gaaraajiifaas haala sadarkaasaa eeggateen ijaaramee tajaajila jennuuf jedha. Akka kenni tajaajilaa sababa ciccituu ibsaatiin hinjeeqamnee jenereetarri sadarkaasaa eeggates jira. Kana malees tajaajila galgala sa'aatii 12:00tti dhaabna malee karaan duraan wayyaalaan itti nama rakkisaa ture qaamolee nageenyaa wajjin ta'uun akka sirratu taasisneerra. Akka mooraa hinseenneefi abbootiin qabeenyaa qabeenyasaanii akka beeksisan taasisne. Dhimmicharratti dhimmamtoota wajjin mari'annee akka karaa qabatu taasisneerra.

*Gara fuula 7tti*

# “Tajaajila geejibaa caalaatti...



Seeraan alummaa to’achuun danda’ameera. Tajaajilli guutamaan kennamaas jira.

Wanti imalaafi konkolaataan barbaadu hundi bakkuma tokkotti haala sadarkaasaa eeggateefi qindoominaan kennamaa waan jiruuf waanti nama rakkisu hinjiru.

**Bariisaa: Buufanni kun hammam bal’ata, altokkotti konkolaattota meeqa qabachuu danda’a?**

**Obbo Mahaammad**: Buufata kana keessa yoo xiqqaate konkolaattonni 857 nita’u. Kun kan nuti bobbiii kenninuuf jechuudha. Kan alaa galus jira. Kanaaf waliigalaan konkolaattonni kuma lama buufata kanatti ni tajaajilamu; kan bahuufi galu dabalatee jechuudha.

Kanneen naannolee birootii galanis konkolaattota kuma tokkoo oli. Kanneen nu biraa bobbii fudhatanii deddeebi’an jiru. Buufata Konkolaataa Awaashoo qofati konkolaattonni kuma lama ta’an jiru. Kanaanis guyyaatti namoota kuma 11 hanga kuma 13tu guyyaatti geejibsiifama. Sochii namootaatiin walqabatee guyyoota jidduu garaagarummaan jira. Konkolaattonni Finfinnee, Awutoobistaraa, Qaallittiifi Laambaratirraa dhufanis jiru. Konkolaattonni guguddoon gara Mooyyalee deemanis jiru. Kanneen asii Finfinnee hojjetanis jiru. Lakkoofsi konkolaataa eerre kanneen hunda dabalateeti jechuudha.

**Bariisaa: Dameen kun gama carraa hojii uumuutiin maal fakkaata?**

**Obbo Mahaammad**: Tajaajila qindaa’aafi ammayyyaawaa asitti kenninuun yoo xiqqaate warra tikeetiirratti hojjetan namoota barataniifi ogummaa kompiyutarii qaban 64f carraan hojii uumameera. Kunis waan buufata kana adda taasisuudha.

Tajaajila mana qulqullinaatiin walqabatees namoota 20f carraan hojii banameera. Jarri kun qulqullina mooraa kanaas ni eegu. Galii mana fincaaniirraa argamu fayyadamaa qulqullina ykn magariisummaa moorichaas ni eegu, nikunuunsu. Keessumaa bakki magariisaa moorichatti argamu yeroo hunda waaree booda sa’aatii 10:00 irraa kaasee nikunuunfama.

Abbootii dhimmaa gara buufata kanaa dhufaniin tajaajilli paarkiingiis ni jira. Kanaanis namoota sagaliif carraa hojii banameera. Waldaaleen irranatti eerre hundisaanii waan hojjetaa of jalaa qabaniif isaan birattis carraa hojii uumame jira.

**Bariisaa: Rakkoon meeshaa fe’uufi buusuun walqabatee buufataalee adda addaatti mul’atu isin biratti maal fakkaata?**

**Obbo Mahaammad:** Nu bira hojmaanni fe’aafi buusaa jedhamu hinjiru. Garuu namoonni 36 gaafa imalaan mooraa kana seenu meeshaasaanii qabatanii gara sireesaanii ni geessuuf. Gaafa namni daandiirratti bu’e bakka konkolaataasaanii ni geessuuf malee fe’uus ta’e buusuu hindanda’an.

Meeshichi seensisaniifi ykn lafa godhanii deebi’u. Namoonni hojii kanarratti bobba’an warra kanaan dura amala gaarii hinqabnetu karaa qaama nageenyaa hubannoon kennameefi gurmaa’anii hojjetaa jiru. Ijoolleen kunniin ammaan tana hojii irratti bobba’an cinaatti hannillee akka hinraawwatamneef ni eegu. Lammaffaa meeshaa namaa qabatanii galchuuf galii argatu. Kanaan waa nyaatanii buluu danda’aniiru. Kun carraa buufanni kun fidee dhufeedha.

**Bariisaa: Iddoowwan tokko tokkotti meeshaadhuma xiqqoof kaffaltii humnaa olii gaafachuun waan mul’atuuf kanaan walqabatee hojmaanni diriire jiraa?**

**Obbo Mahaammad**: Komiin akkanaa jira. Ijoollee meeshaa alaa galchaniin walqabatee. Duraan meeshaadhuma xiqqoo wayii konkolaataarra kaa’anii qarshii 200, 300 gaafataa turan. Warri akkana godhan uffata danbii kan warra waldaan ijaaramanii fakkaatu uffatanii seenaa turan. Isaan ammaan tana araarama tokko malee mooraa buufatichaa keessaa haxoofnee baafneerra.

Ijoollee akkas gochaa turanis mariisisnee gatii madaalawaa hawaasaan waliigalaniiniifi komii kaasisuu hindandeenye qofa fudhachuu akka qaban taasisneerra. To’attoonni keenyas jiru. Hammam akka kaffalchiisan madaalii ilaalu, ni hordofu. Hordoffii cimaatu jira jechuudha.

Warra duraan dhiibbaa guddaa qaqqabsiisaa turaniif hubannoo kenninee duukaa bu’aa jirra. Isa qofa otoo hintaane gaafa imalaan meeshaa konkolaataarratti fe’atu, konkolaataan oggaa karaa deemu akka barbaade nama hinrakkisu. Duraan tilmaama meeshaaleetiin ijoollee irranatti jenne qofa otoo warrumti konkolaachisaarra hojjetaniyyuu nama rakkisaa turan.

Innis akka sirratuufi gatiin hawaasaan irratti waliigalame qofti akka kaffalamu taasifameera. Qajeelfamni meeshaa hanga kiiloo giraama 25f akka hinkaffalamne jedhus jira. Kanaan walqabatee dhimmoonni mootummaadhaan ilaalamaa jiranis jiru. Kunis furmaata dhumaa kennuu danda’a jennee yaadna. Ammaaf garuu hordoffii keenya cimsinee hojjetaa jirra.

**Bariisaa: Hojmaanni komiin ittidhiyaatu jiraa?**

**Obbo Mahaammad**: Eeyyee, haalli komiin ittidhiyaatu jira. Komiin dhiyaate dafee furmaata akka argatus taasisaa jirra. Miinii miidiyaa mooraa keessaa qabnutti fayyadamnee ibsiifi hubannoon ni kennama. Kanaan ala to’attoonni keenyas haalota jiran xiyyeeffannoon hordofu.

Ana dabalatee yaada imalaa yeroo yeroodhaan konkolaataa keessa seennee fudhanna, haala jiru dhiyeenyaan hordofna. Komii qabanis addaan baasnee furmaata hatattamaa kennaa deemna. Tiraafikoonnis konkolaataa keessa seenanii haala jirurratti imaltoota nidubbisu. Komiifi yaada fudhannerratti deebinee hojjenna.

**Bariisaa: Magaalota birootti buufataan ala dhokatanii fe’uun, konkolaataa dhoksanii erga aduun dhiitee gatii dabalanii fe’uufaan nimul’ataatii kun isin biratti maal fakkaata, akkamittis to’ataa jirtu?**

**Obbo Mahaammad**: Badhee (dirree) irratti dhoksaan fe’uun tureera. Rakkoo kana furuuf konkolaataa hurufarratti barbaaddee to’achuun ni ulfaata. Garuu sistamii kana to’atu qabna. Sistamichi konkolaataa guyyaa tokkoofillee sararaa ala ta’e ni to’ata.

Konkolaataan sararasaarraa ala ta’e himatamee adabama, sararicharraa haqamee akka lammata sararicharratti bobbii hinfudhanne taasifama. Gaafa bobbii hinfudhanne kan tikeetii argachuu hindanda’u. Kanaaf karaa kanaan to’anneerra. Yeroo darbe konkolaattonni 16 sarararraa akka haqaman taasisneerra.

Konkolaattonni tokko tokko sababa qabaachuu danda’a. Hunduu waliin dhaha jechuun hindanda’amu. Kan dhugaatti garaajii gAlche jiraachuu mala. Kun tooftaalee adda addaatti fayyadamuun gadifageenyaan qulqulleeffanna. Nagayee vaatiifaa garajiirraa gaafannee qulqulleeffanna. Gatii dhibbantaadhaan mootummaaf galuu qabus ka’umsa godhachuun ni qulqulleeffanna.

Kana to’achuuf hojmaanni qindoominaas waan barbaachisuuf kanarratti xiyyeeffannaan hojjechaa jirra. Konkolaataan tokko yoo dabareen isa hingeenye bakka biraa turuu danda’a. Kanaaf konkolaataan kun eessa akka jiru sektaroota keenya magaalota kaanitti argaman wajjin walii bilbillee odeeffannoo walii dabarsina.

Ka’umsasaarraa gaafa achii dhufu ragaa bahumsaa qabatee dhufu qaba jechuudha. Konkolaattonni 16 eerre kunniin ragaa asii ittiin bahu, darbuufi sanada waldaaleerraa kennamuuf walbira qabnee ilaallee qulqulleeffanneetti gara tarkaanfiitti seenna. Sanadoota sadan kanneen hinqabanne taanaan konkolaatichi hannarratti bobba’eera jechuudha. Kanaaf adabamee akka irraa baratu taasifama. Adabbii qofa otoo hintaane abbootii qabeenyaas waamnee haala jiru ittihimnee mariisisna; gorsis ni kennama. .

**Bariisaa: Jijjiiramni gama kenna tajaajilaatiin jiru maal fakkaata?**

**Obbo Mahaammad**: Gama kenna tajaajilaatiin jijjiirama guddaatu jira. Fedhiin namootaa fayyadama konkolaataarratti adda adda. Namoonni konkolaattota guguddaarra xixiqqaadhaan imaluu barbaadan jiru. Fedhii kana ammoo daangessuu hindandeessu. Kanaaf gaafa bobbiin kennamu konkolaattota xixiqqoofi guguddoof walkeessa kennama. Kan barbaade isa guddaadhaan, kaan ammoo xiqqaadhaan akkuma fedhiisaatti imala jechuudha.

Gaafa kun akkana ta’u namni waan alaa barbaaduuf hinargatu jechuudha. Bobbii magaalota tokko tokkoo nu rakkisan hambisneerra. Fakkeenyaaf Bishooftuutti nama hingeejibsiisnu. Garuu konkolaataan achii dhufu jira. Kanaaf bobbii konkolaataa Bishooftuurratti jiddugaleessiifi xixiqqaa kan walmadaale ta’uu qaba.

Tokko yoo dhorgite namni kan alaa sana barbaada. Yoo fedhii xiqqaan jiraate inni tilmaama keessa galfamee konkolaataa muraasni bobbii keessa galuu qaba. Haala jiru ilaalaa jijjjiruun ni danda’ama jechuudha. Kanaaf fedhii konkolaataa mooraan ala fe’u guutummaatti dhaabneerra jechuu baannus baay’inaan gadi buusneerra.

Gaafa nuti asii cimsinee qabne konkolaataan bakka biraatii dhufan otoo as hinseeniin alumatti deebi’uun jira. Kana ittisuuf to’annoo daandiirraa cimsuu barbaachisa. Kanas itttideemaa jirra. Ta’us akkuman irranatti jedhe fooyya’iinsa guddaatu jira.

**Bariisaa: Hanni taariifaan walqabatee mudachaa ture sirrateeraa?**

**Obbo Mahaammad**: Hanni taariifaan walqabatus mudachaa tureera. Akka federaalaatti daballiin taariifaa taasifame salphaa miti. Namnis hubannoo qabaatee daballiin mootummaan taasise gahaa waan ta’eef kan biraa dabaluu hindirqamu. Jarris gaafachuuf ni rakkatu. Yoo xiqqaate qarshii kiiloo meetira tokkotti qarshii tokkoofi saantima 86tu dabalame. Duraan mana saantimaatiin dabalamaa ture. Kan ammaa olaanaadha. Kunis akka konkolaataan hinhanneef karaa itticufeera.

**Bariisaa: Gatii taariifaa sirreeffamerratti duubdeebiin abbootii qabeenyaa maal fakkaata?**

**Obbo Mahaammad**: Taariifama sirreeffame ilaalchisee ittiquufiinsi abbootii qabeenyaa bira jiru baay’ee gaariidha. Namni humnaa olitti waa barbaaduun amaluma namaa ta’ee haa jiraatu malee waan gaariitu ta’e. Daballiin akkanaa kanaan dura hinbaratamne. Abbootiin qabeenyaa fageenya walfakkaataaf waanti naannoo biraafi nu bira jiru garaagarummaa qaba jechuun komii kaasaa turan.

Amma oggaa gara federaalaatti dhufu ammoo komiin kun akka hiikamu ta’eera. Maaliif taariifni naannolee jidduutti adda addummaa qabaata kan jedhu ka’aa ture. Amma furameera. Ol ka’ees waan dhufeef jarri gammachuu irraa qabu. Asirratti oggaa komii abbootii qabeenyaa hiikuuf deemamu

*Gara fuula 9tti*

# “Tajaajila geejibaa caalaatti...

hawaasni kaffaltiitu walfaana nutti dabalame jedhee komataa turus mariidhaan akka sirratu taasisneerra. Garuu kan duraan seeraan ala nama kaffalchiisaa turan wajjin walbira qabamee oggaa ilaalamu rakkoon sun hiikameera jechuun nidanda’ama.

**Bariisaa: Imaltoonni gama mirga ofii kabachiifachuutiin sadarkaa akkamiirra jiru? Tooftaan hawaasni eeruu ykn komiisaa isinitti ykn qaama dhimmi ilaallatu birootti ittiin ibsatu jiraa?**

**Obbo Mahaammad**: Imalaan mirgasaa kabachiifachuun walqabatee hubannoo uumuurratti hojii bal’aa hojjetaa jirra. Akkuma buufata kanatti galleen abbootii qabeenyaa konkolaataafi konkolaachisaarraa hubannoo uumuu jalqabne. Akka Naannoo keenyaatti namni yeroo gara buufataa deemu waan gocha seeraan ala barateef kanaan walqabatee Amboofaa qormaanni tureera.

Nu biratti garuu muuxannoon sunis waan tureef tarkaanfiin mootummaan fudhates waan jiruuf dhimmi kun karaa kanaan yoo deeme waan isin hinbaasneef olaantummaan seeraa kabajamuu qaba, ummataa tajaajilli kennamu qaba, qabeenyi ammoo kan ummataati waan jedhurratti bal’inaan mari’anne.

Yoo xiqqaate otoo buufata hinseenne naannawa ji’a sadii haga afuriitti marii keessa turre. Erga abbootii qabeenyaafi konkolaachistoota hubachiisnee booda gaafa buuatatti gallu ammoo hawaasaaf hubannoo kennuurratti xiyyeeffanne. Taariifni mootummaan baase ragaadhaan isinii kennameera. Kanaan olitti walitti dabaluu hinqabdan. Yoo rakkoon jiraate otoo taariifa hindabaliin mootummaan fala waan kennuuf karaa naannaatiin maallaqa dabalchiisuun akka hindanda’amne qabsiisaa turre.

Utuma akkas goonuu gaaf tokko hanqinni konkolaataa nu mudannaan konkolaataan geessee duwwaa waan deebi’uuf naannawa Kofaleefi Adaabbaatti ummanni darbaa hinkaffallu jedhe. Sistamiin ala maallaqa kaffallu hinqabnu ejjennoo jedhus qabate ummanni.

Gaafa kana kaafnuuf ummanni hanga kana deeme falmachuuf. Waan tikeetiirra jiruun ala hindaballu jedhe imalaan. Oggaa konkolaataan dhokatee buufataan alatti fe’us ummanni bal’inaan saaxila. Duraan garuu sodaa tureera. Konkolaataan karaarratti nu gataa, sakatta’iinsaa dandiirratti gaggeeffamuun walqabatees ykn karaa guutuu ta’een sakatta’uun walqabatee, to’attoota bira waan hanqinni jiruuf yoo dubbannes falli nuu hinkennamu yaada jedhu ummanni akka sodaatti kaasaa ture.

Booda gaafa ummatatti dhiyaannee dubbisnu, mariisisnu namni dhaabatee mirgasaatiif dubbataa ture, waan mootummaan jiruuf. Kanarraa ka’amee konkolaataan yoo hanqina qabaatellee konkolaataa sararasaaniif kenname eeggachuun, taariifa qofaan yaabbachuun baratameera. Hubannoo cimaan jira. Jalqabarratti konkolaachisaan tikeetii imalaa sassaabee maallaqa ittiin fudhachaa ture.

Tikeeticha fakkeessanii deemanii imalaarraa funaannatanii nama biraa ittiin fe’uutu ture. Isa qofa miti. Tikeetii kaardii mobaayilii ‘tikeetiidha’ jedhanii nama hubannoo hinqabneef kennamaa ture. Qormaata hedduutu ture. Kanarratti naannoo wajjin dubbannee akka imalaarraa tikeetii fuudhuu hindandeenye, akka imalaan harkatti qabatu goone.

Tokko nagayeesaati. Lammaffaa tikeetiin meeshaa konkolaataa keessatti dagatame deebisiifachuufis ni gargaara. Namni hundi muuxannoo qabaatee konkolaataa hinqabatu, calluma jedhee yaabbata. Harki 90 ol kana quba hinqabu. Bifa konkolaataa ittiin deeme yoo ta’e malee gabateesaa hinbeeku. Kanaaf namni tikeetii ittikaffale deebisuu akka hinqabne ummata hubachiisne. Tikeetii imalaa harkatti hambisne. Tikeetiin ala bahus ni hafe jechuudha.

Yoo meeshaa konkolaataa keessatti dagatee bu’ellee odeeffannoo tikeetiisaarra jiruun hordofneefii haallitti deebsineef jira. Kanaaf ummanni mirgasaa eegsisuurratti jijjiirama guddaatu jira. Namoonni bilbila tolaatiin komiisaanii ibsatan jiru. Nu birattis bakka hawaasni sirriitti argutti taariifa maxxansineerra. Bilbilli komiin ittiin dhiyaatus achumatti wajjin maxxanfameera.

**Bariisaa: Ejensiin keessan hojii guddaa hojjechaa jiraachuu waanti mul’atus jira, isinis nuu ibsitaniittu. Kanarratti harki hojjettoota ykn to’attoota geejibaa keessanii hammam qulqulluudha, hammam of kennanii tajaajila dhugaafi haqaqabeessa kennaa jiru?**

**Obbo Mahaammad**: Rakkoon naamusaan walqabatu jira. Kana sirreessuuf akka naannoo keenyaatti to’attoota tiraafikii, poolisii, warra geejibaatiif maarsaalee lamaan amala hojiitiin walqabatee Adaamaafi Bulbulaatti leenjiin guyyoota 12f akka kennamu taasifameera.

Kana malees to’attoota daandiirraa kaasuu, paadii ittiin to’atan irraa fudhachuun mudachaa tureera. Fakkeenyaaf buufataalee keenya lamaan keessatti to’attoota hundarraa paadiin akka fuudhamu taasisneerra. Warri to’atamanillee jiru. Walumaagalatti jijjiiramni hammi tokko jira. Amala amma jiruun yeroo gabaabaatti waa hunda xumurree keessaa baana jechuu hindandeenyu.

Waanti akka durii sana ijaa baase garuu hinmul’atu. Hanqinicha furuuf qaamolee dhimmi ilaallatu wajjin irratti hojjechaa jirra. Dhimmichi namni ofirratti qabsaa’uu kan gaafatuudha. Ilaalchi, yoo hawaasni jiraate maallaqa arganna jedhu cimuu qaba.

Har’a namoonni baay’een hojii dhabanii daandiirra dhaabachaa oolu. Kanaaf hojjetaan kamuu nama argatee keessummeessuu akka dalagaa tokkootti ilaaluu qaba. sektarri tokko tokko maamila hinqabu. Hojjetaan taa’etuma oola. Asitti ammoo namni si bira dhufe sirriitti tajaajilamee deemuun gammachuu guddaadha.

Kanaaf karaa kanaan yaadamuu qaba. Kanaafis bal’inaan irratti waliin mari’ataa jirra. Hojiin as keessatti hojjetamu dabareedhaani. Ganama sa’aatii 11:30 irraa kaasee hanga 6:00tti dabaree tokko, abbaan dabaree waaree booda galee hojjetus jira.

Geejibaa daandiitiin walqabatee waan to’annoo cimsineef baajaajiidhaan fuudhanii gara biraa geessanii fe’uufaan ni jira. Konkolaachisaan bakka tiraafikiin hinjirretti nama dabalatee fe’ee oggaa bakka tiraafikiin jirutti siqu baajaajii wayiitiin fe’ee dabarsuun jira.

> **Maanuwaaliidhaan walqabatee hojmaaticha gara dijitaalaatti fiduuf jalqaba Oromiyaa keessaa nu biratti eegalame. Magaalaa keenyarraa gara Godina Arsii Lixaatti darbe. Muuxannoo gaarii kana Oromiyaa guutuu waliin gahuuf ittideemamaa jira**

Kanaafi kkf paatirooliidhaan ittideemuuf hojjetaa jirra. Waanti damee geejibaa keessa jiru hudhaa guddaadha. Damichatti fedhiitu baay’ata. Kanaaf hawaasa of cinaa hiriiraa, haala ilaalaa sirreessaa deemuu gaafata. Rakkoon eessa akka jiru ummanni har’a ifatti kaasa. Haala amma qabne kanaan cimsinee yoo ittideemne jijjiirama guddaa galmeessisuu dandeenya.

Keessumaa otoo godinaaleefi godinaaleen, magaalonniifi magaalonni, magaalonniifi godinaaleetti hojmaanni jiru gara tokkotti dhufee sirrachuu ni danda’a. Namni amala bakka biraa jiru as fiduu barbaada. Waan cimsinee hojjennee qabneef keessan maaltu adda taasise jedhanii kanneen bifa komiitiin kaasaniifi balaaleffatan jiru.

Waan hatuun hindanda’amneef akka barbaadan seenanii bahuun hindanda’amu. Kanaaf hojmaanniifi haalli to’annoo jiru iddoowwan hundatti walfakkaachuu qaba. Kana marii sadarkaa naannootti qabnurrattis kaasaa turreerra. Fooyya’iinsi jira jechuu barbaadeeni.

**Bariisaa: Seektarri geejibaa qindoomina waan barbaaduuf hariiroon isin magaalotaafi godinaalee darbees naannolee ollaa waliin qabdan maal fakkaata? iddoowwan tokko tokkotti ammallee maanuwaaliidhaan hojjetamaa jiraatii kanarratti maal jettu?**

**Obbo Mahaammad**: Maanuwaaliidhaan walqabatee hojmaaticha gara dijitaalaatti fiduuf jalqaba Oromiyaa keessaa nu biratti eegalame. Magaalaa keenyarraa gara Godina Arsii Lixaatti darbe. Muuxannoo gaarii kana Oromiyaa guutuu waliin gahuuf ittideemamaa jira. Hojiin kun erga jalqabamee yeroo gabaabaa ta’us keessumaa bara 2016 keessa baay’ee ittideemame.

Waxabajjii 27 bara 2015 booda jalqabame. Hojiin kun kutannoo hoggansaa barbaada. Fedhiifi qindoominnis akkasuma daran murteessaadha. Maallaqa sassaabuu qofa otoo hintaane ilaalchi, gaafa ummanni jiraatu anis jiraadha jedhu sammuu namaa keessatti uumamuu qaba. Qabeenyi keenya guddaan hawaasa ta’uun sirnaan hubatamuu qaba. Gaafa hawaasni hinjirre konkolaataas ta’e hojjetaan akka gatiin hinqabne hubatamuu qaba.

Haalli qidoominaa gaariitu jira. Fakkeenyaaf daandiin Roobee rakkoo qabaatus hoggansa magaalattii wajjin qindoominaan hojjetaa jirra. Rakkoon mudannaan hoggansi akkuma sanaan nuu bilbila. Walqabsiisnees furra. Rakkoo uumame furuuf tarkaanfii qindaa’aa fudhanna jechuudha.

Godina Arsii Lixaa wajjin bakkuma tokko waan jirruufis qindoomina gaarii qabna. Warra Bishooftuufi Adaamaa qaamaanis deemee dubbisee haala qindoominaan hojjechuu dandeenyurratti ilaalaa jirra. Qindoominni kilaastaraa taasifamee cimuu qaba. Kanarratti hoggansa olaanaa wajjin mari’achaa jirra.

**Bariisaa: Waanti akka hudhaatti kaaftaniifi qaama dhimmi ilaallatuun furamuu qaba jettan yoo jiraate?**

**Obbo Mahaammad**: Hudhaa jennee kan ilaallu, kenni tajaajila as jiruufi iddoo biraa jiru walfakkaachuu qaba. Nuti asii tikeetii murree bobbaasna, iddoon biraa kana hingodhu taanaan taariifa kabachiisuurratti rakkoo waan uumuuf hojmaatichi bakkawwan hundatti walfakkaachuu qaba. Tajaajila geejibaa si’eessuuf fakkeenyaaf Adaamaarraa kaasee Oromiyaa kibbaa kilaastaraan walitti hidhuun barbaachisaa waan ta’eef kanarratti haaluma eegalameen caasicha diriirsuurrarratti hojjetamuu qaba.

Waa’een daandiifi isaan walqabatus xiyyeeffannaa argachuu qaba. Fakkeenyaaf karaa Siraaroofi Qoree bakka qabeenyi daran irratti manca’uufi horoomaa ba’u waan ta’eef otoo qaama dhimmi ilaallatuun furmaanni kennameefii gaariidha.

# Ilaamee...

## “Imaammanni manneen barnootaa addaafi bultii addaa bu’aa buusaa waan jiruuf ciminaan irratti hojjetama”

*- Doktar Tolaa Bariisoo*

**Waasihun Takileetiin**

Biiroon Barnootaa Oromiyaa dhaloota barnoota ammayyaatiin ijaarame egeree biyyaaf wabii ta’uu danda’u horachuuf imaammataafi tarsiimoo misooma barnootaa bocuun hawaasa mana barumsaa waliin ta’ee humna guutuun hojiitti kan seene yoo ta’u, waggoota shanii as misooma manneen barnootaa addaafi bultii addaa akka naannootti eegalameen milkaa’inni guddaan argamaa jira.

Imaammatichi rakkoo qulqullina barnootaa akka biyyaatti hudhaa ta’e furuu keessattis bu’aqabeessa yoo ta’u, keessumaa rakkoo istaandardii, dhiyeessii barnootaa, meeshaa deeggarsa barnootaa, waliingahiinsa barsiisotaafi baruu barsiisuuf haalli mijataan akka uumamu dhaloonni ga’umsa qabu akka horatamuuf bu’uura buusaa jira.

Biirichi hojii misooma barnootaa imaammata tarkaanfachiisaafi bu’aqabeessa qabatee ka’e kana milkeessuuf barsiisotaafi caasaalee barnootaa kuma 300 oliin deeggaramee barattoota miliyoona 12.3 ol simatee baruu barsiisuu si’eessuutti jira jedhu Hogganaan Biiroo Barnoota Oromiyaa Doktar Tolaa Bariisoo turtii kibxata darbe Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin.

Tarsiimoo misooma manneen barnootaa addaafi bultii xiyyeeffannoon irratti laatamee hojjetamaa tureen bara kana manneen barnootaa 13 keessatti barattoonni qormaata biyyoolessaa kutaa 12ffaa fudhatan guutummaatti qabxii quufsaa galmeessisuun darbuu danda’aniiru.

Akka naannootti barattoonni qormaata kutaa 12ffaa bara 2016 fudhataniifi darban gidduu garaagarummaa guddaan jiraatus misoomni manneen barnootaa addaafi bultii addaa kun yoo babal’ate dhaloota ga’umsa qabu egeree biyyaafillee wabii ta’u horachuun akka danda’amuuf qabxiin manneen barnootaa addaafi bultii addaatti galmaa’e agarsiistuu guddaadha.

Barattoota qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaa bara 2016 akka naannootti fudhatan kuma 241fi 809 keessaa kuma 8fi 520 kan darban yoo ta’u, harki caalu kanneen manneen barnootaa addaa bultii addaafi dhuunfaatti barataniidha. Bu’uuruma kanaan misoomni manneen barnootaa ammayyaa kun babal’achuu akka qabuuf xiyyeeffannoo guddaan kennamee hojjetama.

Akka fakkeenyaatti manneen barnootaa Addaafi Bultii Addaa Adaamaa, Mattuu, Dambidoolloofi Arsiifaatti barattoonni hunduu qabxii olaanaa fiduun guutummaatti kan darban yoo ta’u, kan Jimmaa dhibbantaa 99.9 dabarsuun tarsiimoon misooma barnootaarratti hojjetame bu’aa buusaa jiraachuusaaf fakkeenyummaan kan ka’aniidha.

Baay’ina barataa qoramee fi bu’aan galmaa’e walmadaaluu dhabuun misooma barnootaarratti ammallee hojiin hojjetamuu akka qabu kan nu agarsiisuudha kan jedhan Doktar Tolaan, misoomni manneen barnootaa addaafi bultii addaa cimee kan ittifu ta’uu kaasaniiru.

Misooma barnootaa gaafa jennu manneen barnootaa ammayyaa babal’isuu qofa akka



Suurri: Haddush Abrahaatiin

hintaane eeranii, keessumaa misooma barsiisotaas kan hammatu waan ta’eef hudhaa gama kanaan jiru furuuf kutannaan hojiitti seenamuu kaasu.

Barana akka naannootti barattoota miliyoona 12.3 ol simachuun baruu barsiisuu si’eessuuf gamanumaa hojiitti kan seename yoo ta’u, faallaa kanaammoo qorannaa taasifameen hanqinni barsiisaa kuma 24 hudhaa ta’uun irra ga’ameera jedhu.

Hudhaan kun barattoota sadarkaa BID (Barnoota Idileen Duraarraa) kaasee hanga sadarkaa 2ffaatti jiru kan hammatu yoo ta’u, tarkaanfii gama kanaan fudhatameen barsiisonni simatamanii leenjii gahaa akka fudhatan taasifamanii akka hojiitti bobba’an taasifamuu dubbatu.

Barsiisonni leenjii fudhataa turan kunniin yeroo dhiyootti hojii baruu barsiisuu bara barnootaa 2017 kanatti bobba’uun imaanaa mootummaan dhaloota ga’umsa qabu barnoota qulqullina qabuun deeggarame horachuuf qabatee ka’e milkeessa jedhamee abdatama.

Ga’umsa barsiisotaatiin walqabatee hudhaan akka jiru. Hudhaan kunis harcaatii barataaf sababa ijoo ta’ee waan argameef qormaata ga’umsaafi ijaarsi dandeettii dabalataa akka kennamu ta’eera.

Barsiisota qormaata ga’umsaa fudhatan keessaa kanneen darban muraasa yoo ta’an, baruu barsiisuurratti rakkoo akka hinuumneef yeroorraa yerootti ga’umsaafi dandeettiisaanii akka fooyyeffataniif gama mootummaatiin deeggarsi taasifamaa tureera.

Barsiisaan akaakuu barnootaa barsiisu mo’achuu dhabuun dhaloonni ga’umsa qabu akka hinhoratamneef sababa waan ta’uuf dhimma ga’umsaafi ijaarsa dandeettiirratti dabalataan hojjechuun dirqama yeroon barbaaduudha jedhu Doktar Tolaan.

Rakko ga’umsa barsiisaatiin walqabatee dhufu maqsuufis barsisonni qormaata ga’umsaa akka fudhatan taasifamuu eeranii, barnoota barsiisan mo’achuurratti ammallee hanqina guddaatu jira jedhu. Barataan kutaa sadaffaa taa’ee barreessuufi dubbisuu hindanda’u. Kunimmoo rakkoo hamaadha jechuunis ibsu.

Ga’umsa barsiisota madaaluuf barana qofa barsiisonni 25,088 qormaata ga’umsaa kan fudhatan yoo ta’u, barsiisonni 5592 digrii, barsiisonni kuma 19fi 96 ammoo dippiloomaadha.

Barsiisota digrii kuma 5fi 592 qormaata ga’umsaa fudhatan keessaa kan qormaata darban kuma 1fi 650 ykn dhibbantaa 27.5 yoo ta’an, barsiisota dippiloomaa qormaata ga’umsa ogummaa fudhatan kuma 19fi 96 keessaa kuma 7fi 962 ykn dhibbantaa 41.7 kan darbaniidha, dhibbantaa 58 ammoo kufaniiru jechuudha.

Firiin ga’umsa ogummaa kun rakkoon ga’umsa jiraachuusaatiif agarsiistuu guddaa ta’ee waan argameef fala kaa’uuf giddugalli leenjii dagaagina ogummaa babal’achuu akka qabu taasifameera.

Kufaatii ga’umsa ogummaa barsiisotaatiin qaqqabaa jiruun irra jireessi akaakuu barnootaa Ingiliffaafi Herregarratti kan mul’atu waan ta’eef giddugala dagaagina Ogummaa Adaamaatti barsiisota akkanaa simannee leenjisuun ga’umsasaanii akka gabbifatan taasifamaa jira.

Barsiisaan akaakuu barnootaa barsiisu sirriitti beekuu dhabuun rakkoo qulqullina barnootaaf isa ijoo yoo ta’u, dabalataan ammoo barattoonni ka’umsarraa qaramuu dhabuun ga’umsaan akka laafaniif sababa biraa ta’eera.

Rakkoo ga’umsa barsiisotaa furuuf qormaata ga’umsaa qoruun kan darbe onnachiisuu kan kufemmoo giddugala dagaagina ogummaatti ijaarsa dandeettii kennuufiin ga’umsasaa akka cimsatu akkuma taasifamaa jiru daa’imman guddatoofis sadarkaa BID irraa kaasee xiyyeeffannoo akka argatan taasifamaa jira.

Gama kanaan haala mijeessitoota leenjii gahaa qaban ramaduufiin barnoota idileen duraa keessatti barreessuufi dubbisuu xumursiisuun kutaa 1ffaa akka galan taasifamaa kan jiran yoo ta’u, yeroo ammaattis fooyya’insi gama kanaan manneen barnootaa idileen duraa keessaatti mul’ataa jiru kan nama jajjabeessuudha.

Ga’umsi barsiisaa qoramee ijaaramaa deemuun barataan sadarkaa dakaarraa kaasee qaramaa deemuun hudhaan qulqullina barnootaa akka furamu dhaloonni ga’umsa qabu akka horatamu waan taasisuuf xiyyeeffannoon irratti hojjetamaa jiraachuu Doktar Tolaan nikaasu.

Gama biraatiin hudhaan qulqullina barnootaa akka Oromiyaatti jiru akka furamuuf misoomni manneen barnootaa moodeela ta’anii babal’ataa kan jiran yoo ta’u, keessumaa bakkeewwan misoomni barnootaa daran itti laaferratti gama maraan akka irratti hojjetamu ta’aa jira.

Magaalaa Shaggaritti dargaggoonni hedduun barreessuufi dubbisuu hindanda’an. Hudhaa kana akkamiin ilaaltu jennee gaaffii dhiyeessineefiif, dhiibbaa kanaan dura tureen misoomni barnootaa Shaggar keessa jiru laafaa laafaa turuu kaasaniiru.

Shaggar dhiibbaa guddaa jala ture. Waliinga’iinsi manneen barnootaa laafaa ture. Haata’u garuu waggoota sadii as warraaqsa Gumaata Caffee Tumaa jedhamu banuun misooma manneen barnootaa babal’isaa jirra jedhan.

Dhiyeessiiwwan barnootaa Shaggar guutuu fudhannee yoo ilaalle dhibbantaan 90 ol manneen barnootaa dhuunfaa ta’uun walqabatee hawaasni keenya fayyadamaa hinturre.

Dhimmi kun xiyyeeffannoo waan barbaaduuf waajjira barnootaa Shaggariif ittigaafatamummaa kenninee manneen barnootaa dhuunfaa keessatti hirmaachisummaan akka jiraatuuf irratti akka hojjetan warreen daangaa seeraa ala barsiisaniifi ulaagaa hinguunne akka cufamaniif tarkaanfii fudhatamuu eegaleen jijjiiramni galmaa’aa jira.

Gama biraatiin dargaggoota umriinsaanii umrii barnootaarra darbe hojii gara garaatiin of jiraachisaniifi barreessuufi dubbisuu hindandeenye mana barumsaatti fiduun barnoota ga’eessotaa qindaa’aa gocharratti xiyyeeffateefi barnoota saffisaa kennuun hudhaa kana furuuf hojjetamaa jira.

Barnoonni saffisaa yeroo gabaabaatti mana barumsaa seenanii barreessuufi dubbisuu akka danda’aniif kan kennamu yoo ta’u, dargaggoota hojii humnaan jiraataniifi barreessuufi dubbisuu hindandeenye warreen haala mijataa hinarganneef addatti kan kennamuudha.

Walumaagalatti Biiroon Barnoota Oromiyaa baruu barsiisuu bara 2107 si’eessuun dhaloota ga’umsa qabu horachuuf misooma barnootaarratti xiyyeeffannoo olaanaa kennee kan hojjetu yoo ta’u, hawaasni mana barumsaas kana beekee imaammata misooma barnootaa mootummaan itti kenne milkeessuuf humna guutuun hojjechuun wabii biyyasaa ta’uun irraa eegama.

# Qarreefi Qeerroo





# Feestivaala Goobeefi Shinooyyee: Sirna aadaan bade akka deebi'u taasisaa jiru

Wayinisheet Kaasaatiin

Goobeen, ayyaana dhiirotaati. Ayyaana dargaggoonni dhiiraa gammachuu, abdiifi hawwii gaariin ifa Birraa ittiin simatanidha. Quufa Birraa, gammachuu bari'uu lafaati. Abdiifi haamilee magariisa waliin dargaggootaaf biqilee ifa habaaboo godhatuudha. Kan fedhe ilaallatee fuudhuuf yeroo itti onnatu. Yeroo dardarri bilisummaafi ofdanda'uusaa labsuudha.

Shinooyyeen immoo ammoo bilisummaa shamarraniiti. Ayyaana kanarratti shaamarran marga urgaa'aa qunnii buqqifachuun yeroo isaan gamtaan bilisummaan waliisaaniifi dargaggoota dhiiraa waliin sirbaniifi weeddisan, dhiichisan, qabdoo dhaabbataniidha.

Biyya mootummaan badhaadhina hawaasummaa mirkaneessuuf aadaafi duudhaan ummataa dagaagsuufi guddisuun badhaate ijaaruuf hojjechaa jiru keessatti Goobeefi Shinooyyeen safuufi simboosaanii eeggatanii akka kabajaman gochuun agarsiiftuu tokko.



Feestivaalli Goobeefi Shinooyyee marsaa 6ffaanis walta'iinsa Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaafi Dhaabbata Boraatii Artii Piroomoshiniitiin Finfinnee Giddugala Aadaa Oromootti torban darbe eegalameera.

Saganticharratti haasaa kan taasisan Hoggantuun Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa Aadde Jamiilaa Simbiruu, ummanni Oromoo ummata safuu, aadaa, seenaa, duudhaafi saafeffannaa mataasaa qabu, seenaa qabu kana kan ofii qofa otoo hinta'iin addunyaafis gumaachaa kan jiru, keessattuu sirni Gadaa sirna bulchiinsa dimokiraasii addunyaan ittiin bulaa jirtuufis bu'uura kan gumaacheedha jedhan.

Ummanni Oromoo aadaasaa keessatti gaddaafi gammachuusaa, gootummaasaa, misoomasaa, tokkummaafi nageenyasaa aadaa ittiin beeksifatu, aadaa ummata wajjin jiraatu, kan obbolummaa, sirnoota jajjabaa, ummata qabuudha jechuun ibsaniiru.

Kanaaf aadaan kun gara fuulduraatti kana caalaa mul'atee, guddatee, dhalootaa dhalootatti akka darbuuf mootummaan Naannoo Oromiyaa cichoominaan hojjechuu ittifufa jedhaniiru.

Saganticharratti dargaggoonniifi shamarran magaalota Shaggar, Adaamaa, Bishooftuurraa babba'an kumaatamaan lakkaa'aman sirna kabaja Goobeefi Shinooyyee bifa miidhagaan eegalchiisaniiru.

Dargaggoota kunneen keessaa Dargaggoo Fayyeeraa Waaqtolaa Magaalaa Shaggarirraa dhufe. Jala bultii ayyaana Masqalaafi Irreechaaf qophii gahaa taasisanii kabaja Goobeefi Shinooyyeef Gidduugala Aadaatti argamuu dubbata.

Ayyaanni kun ayyaana milkii, seenaa qabeessa, aadaa bade deebisuufi ibsituu ummata Oromooti jedha.

Ayyaanichi sirnoota daddarbaa dhufaniin badee kan ture ta'uu kan yaadachiise Dargaggoo Fayyeeraan, waggoota shanii asitti sirni Goobeefi Shinooyyee, akkasumas Ayyaanni Irreechaa handhuura Oromiyaa, Finfinnee keessatti bifa ho'aadhaan kabajamuu eegaluunsaa Oromoo biratti injifannoo cimaafi yaadannoo guddaadha jedheera.

Aadaan Oromoo haala kanaan bareedee akka ittifufuufi dhaloota dhufu dhaalchisuuf, daa'imman olguddattoo aadaafi safuu ummatichaa hubachiisuun, dhugaa jiru barsiisuun gahee irraa eegamu akka bahatus eereera.

Ayyaanni Irreechaa dhufus haaluma kanaan bifa bareedaafi nageenyaan akka kabajamuuf ummatni Oromoo hundinuu gaheesaa akka bahatu waamicha dhiyeesseera.

Bulchiinsa Magaalaa Shaggar , Kutaa Magaalaa Sulultaa, Aanaa Tufaa Munaarraa kan dhufe Dargaggoo Gurmeessaa Dinqiisaa gamasaatiin, jala bultiin ayyaanotaa Goobeefi Shinooyyeen haala kanaan ho'ee arguusaatti daran gammaduusaafi mootummaa bilisummaa akkasii ummatichaaf gumaache galateeffateera.

Aadaa badetu deebi'e kan jedhu dargaggoon kun, ammas caalaatti bareedee akka ittifufuuf, diinni gidduu seenee akka hinbooressineef, nageenyi akka mirkanaa'uuf akka dargaggeessa tokkootti naannawaasaa eeguun gahee irraa eegamu akka bahatu ibseera.

Diinni keenya akkuma baay'ina keenyaa baay'ata, akka dargaggoo tokkootti diinota nu booressuuf, adda nu baasuuf, nageenyi akka hinjiranne taasisuuf karra keenya hinsaaqnu jedheera dargaggoo Gurmeessaan.

"Ayyaanni Irreechaa Hora Finfinneefi Hora Harsadeess nagaan kabajamee akka xumuramuuf dargaggoonni gurmoofnee karrawwan shaniin hojii cimaa hojjechaa jirra" jedhee, hawaasnis gahee irraa eegamu bahachuu akka qabu dhaameera.

Shamarree Siifan Taammiruu jiraattuu Magaalaa Finfinnee yoo taatu, sirni kabaja Goobeefi Shinooyyee baranaa kan baroota darbanirraa adda ta'uu dubbatti. Kunis daran ishee gammachiisuu eerti.

Keessumaa nu, warra Finfinnee keessa jiraannuuf aadaa ittiin boonnu, gammadnuufi bifa addaatiin kan ilaalludha jettee, kanaan dura aadaa Oromoo ibsachuu miti dubbachuufillee baay'ee shororkaa'aafi ittiin hacuucamaa turre jechuun yaadachiisti.

Amma garuu haala kanaan aadaa keenya ibsachuun keenya, aadaan bade nuu deebi'uun, haala kanaan uffata aadaatiin miidhagnee argamuun ummata Oromoof injifannoo guddaadha jetteetti.

Ayyaanni Irreechaas bifa bareedaadhaan akka kabajamuuf shamarran gamasaaniin qophiilee adda addaa kanneen akka uffata aadaafi nyaata aadaa qopheessuufi faayuuf hojjechaa akka jiran dubbatteetti.

Shamarreen biroo Biqiltuu Solomoon jedhamtu jiraattuu Magaalaa Finfinnee yoo taatu, ayyaanni Goobeefi Shinooyyee Finfinneetti kabajamuu erga eegalamee kun isa 6ffaa ta'uu dubbattee, waggaa waggaatti bifa adda ta'een fooyya'aafi bareedaa akka dhufe eerteetti.

Kanaan dura Finfinneetti aadaa kana kabajuu mitii uffata aadaallee uffachuuf mirga hinqabnu turre jettee kan yaadachiiste shamarreen tun, kun immoo anaafi ummata Oromoof gammachuu guddaadha jettetti.

Walumaagalatti, sirni Goobeefi Shinooyyee haala bara kanaan cimee ittifufnaan, keessumaa, Finfinnee keessatti waggaa waggaadhaan kabajuun akka sabaatti Oromoodhaaf faayidaa guddaa qaba. Kanaaf, Oromoon aadaa, afaaniifi eenyummaansaa akka guddatu barbaadu hundi dhimma kana cimsee deeggaruufi kunuunsu qabaan dhaamsa keenya.

# "Mucaan koo magaalaatti waan guddateef Afaan Oromoo hinbeeku jechuun safuu ta'uu qaba"

*- Obbo Leeniin Quuxoo Hamdoo*

**Natsaannat Taaddasaatiin**

Obbo Leeniin Quuxoo Hamdoo, Yunivarsitii Naannoo Oromiyaatti Qorataafi Gorsaa akkasumas Daariktara Inistiitiyuutii Qorannoo Misooma Afaan, Aadaafi Aartii Oromooti. Gaafdeebii hayyuu kana waliin dhiyeenya kana dhimmoota afaan, aadaafi duudhaa Oromoorratti taasifne akka armaan gadiitti dhiyeessineera.

Inistiitiyuutiin Qorannoo Misooma Afaan, Aadaafi Aartii Oromoo erga hundaa'ee waggaa shanii ta'aa jira. Yunivarsitiin Naannoo Oromiyaa akkuma maqaasaa dhimma Oromoofi Oromummaarratti hojjechuu qaba jechuudhaan yunivarsiitichatti Inistiitiyuutii Qorannoo Misooma Afaan, Aadaafi Aartii Oromoo hundeessine. Anis hundeessitoota inistiitiyuutichaa keessaa nama tokko.

Inistiitiyuutichi hundeeffamasaarraa kaasee dhimma Oromoofi Oromummaarratti hojiilee guguddoo raawwachaa jira. Inistiitiyuutichi jalqaba yeroo Damee Baatuu jala ture Muummee waa'ee Oromoofi Oromummaa barsiisu (Muummee Fookiloorii Afaan Oromoo) bocee sagantaa barnoota idilee, torbaniifi galgalaatiin barsiisuu jalqabe.

Muummeen Fookiloorii Afaan Oromoo kun bara 2012 irraa kaasee barattoota sagantaalee gara garaatiin simatee barsiisaa jira. Koorsiin lama akka koorsii waloo (Common Course) ta'uuf kariikulamii bocnee koorsii 'Sirna Gadaatiifi Koorsii Barreeffama Afaan Oromoo' hundeessine.



Bara 2013 irraa kaasee Yunivarsitii Naannoo Oromiyaatti koorsiin Seensa Sirna Gadaa jedhamu barataan digrii jalqabaa baratu hundi akka baratu taasifne. Yunivarsitichatti barataan digirii tokkoffaa muummee ykn gosa barnootaa kamuu baratu koorsii Seensa Sirna Gadaa akka koorsii waloo ykn (Common Course)tti barata.

Inistiitiyuutichi bara 2012 keessa bakka barattoonni waan Oromoofi Oromummaa itti hojjetaniifi agarsiisan mijeessuuf Gumii Dagaagina Aadaafi Seenaa Oromoo (GDASO) yunivarsiitichatti akka hundaa'u ta'e. Gumichi yeroo ammaa miseensota 100 ol qaba. Gumichi barattoota muummee akkasumas hawaasa naannawaafi yunivarsitii waliin ta'uun sagantaalee gara garaa qopheessuudhaan meeshaalee aadaa Oromoo walittiqabanii gara muummichaa fiduudhaan agarsiisaaf dhiyeessaa jira.

Inistiitiyuutichi bara 2013 irraa kaasee caasaa haaraa hojjetameen gara damee Finfinnee dhufe. Inistiitiyuutichi damee qorannoofi leenjii waan ta'eef erga gara Finfinnee dhufee as qorannoo yeroon gaafatuufi rakkoo hawaasaa furuu danda'u fedhii keessaafi alaa dhufuun yoo xiqqaate waggaatti qorannoo tokko adeemsisuudhaan simpooziyeemii yunivarsiitichi waggaatti altokko qopheessurratti dhiyeessa. Bu'aa qorannichaas qaamolee dhimmichi ilaallatuufis ni dhiyeessa akkasumas artikiloota adda addaarrattis maxxansuudhaan qaamolee gara garaa bira akka ga'u ni taasisa. Qorannoon adeemsifamu galtee muujulii leenjiis ta'ee tajaajilaa jira.

Inistiitiyuutichi erga gara Finfinneetti dhufee as qorannoowwan torbaa ol hojjeteera. Kanneen keessaa tokko qorannoo 'OBN' waliin ta'uun mataduree 'Ilaalchaafi ittiquufiinsa hawaasni OBN'f qabu jedhu adeemsisuudhaan 'OBN' akka keessatti of ilaalu taasiseera.

Qorannoowwan hafan ammoo matadureewwan Jiloota Aadaa, Duudhaafi ammayyummaan akkamitti waliin deemu, gahee manni murtii aadaa tajaajila haqaa fooyyessuu keessatti qabuufi hojiirra oolmaansaa maal akka fakkaatu, hiikaan (translation) afaan biraarraa gara Afaan Oromootti taasifamu saayinsii hiikaa eegee adeemsifamaa jiraachuufi dhiisuu, uffataafi faayaa aadaa, magaalummaafi Oromummaan Magaalaa Baatuutti maal akka fakkaatuufi gahee jiloonni aadaa nagaa faarsuu keessatti qaban kanneen jedhanirratti xiyyeeffatu. Bu'aawwan qorannoowwan kunneenii simpooziyeemii yunivarsitiin qopheessurratti dhiyeessuufi maxxansuun qaamolee dhimmichi ilaallatu bira akka gahan ta'eera. Isaan kaan ammoo muujulii leenjiif itti gargaaramaa jirra.

Inistiitiyuutichi qorannoo adeemsisuu qofa utuu hintaane qaamolee dhimmi ilaallatuuf (Biiroo Aadaafi Turuzimii Oromiyaa, Giddugala Aadaa Oromoofi Inistiitiyuutii Qo'annoofi Qorannoo Oromoofi waajjiraalee isaan jala jiran sadarkaa sadarkaan jiraniif) leenjiiwwan gara garaa kennaa jira.

Fedhii alaa dhufuunis leenjiin nuti kenninu jira. Inistiitiyuutichi bara bajataa darbe leenjiiwwan gara garaa bal'inaan kenneera. Fakkeenyaaf leenjiin Komishinii Naamusaafi Farra Malaamaltummaa Oromiyaa waliin ta'uun kennine kan daran itti milkoofneefi fudhatama guddaa argate ture. Leenjichi mata duree "Gahee duudhaaleen aadaa malaamaltummaa ittisuu keessatti qaban" kan kenname yoo ta'u, barreeffamni leenjicharratti dhiyaates gara muujuliitti guddatee maxxanfamee hanga gandaatti akka gad bu'u ta'eera.

Inistiitiyuutichi jalqaba yeroo wixineen

*Gara fuula 15tti*





## Irreecha: Dirree nagayaa, jaalalaa, tokkummaafi obbolummaa

Irreechi baranaa karaa aadaafi duudhaa isaa ganamaa eeggateen akka kabajamuuf Oromoonni biyya keessaafi alaa gamtoomaan akka dhaabbataniif Abbootiin Gadaafi Hawwan Siiqqee yaamicha taasisan.

Mariin Abbootii Gadaa, Hawwan Siiqqee, Hayyootaafi Jaarsolee biyyaa qindeessummaa Biiroo Aadaafi Turizimiitiin Magaalaa Bishooftuutti dhimmoota keessoo Gadaarratti xiyyeeffate tibbana gaggeeffameera.

Xumura sagantichaarratti Abbootiin Gadaa, Hawwan Siqqee, Hayyootaafi Jaarsoleen biyyaa Galma Gadaa Tuulamaatti Magaalaa Bishooftuutti walgahuun karaa calaqqee Sirna Gadaafi faajjii tokkummaa Ummata Oromoo kan ta'e Ayyaanni Irreechaa Hora Finfinneefi Hora Harsadee karaa aadaa,duudhaafi safuu ganamaa eeggateen akka kabajamuuf qeerroofi qarreen Oromoo kallattii Abbootii Gadaa akka fudhataniif yaamicha dabarsan.

Irreechi dirree waloomaa, tokkummaafi obbolummaa waan ta'eef garaa garummaa amantaa, sabaafi ilaalcha siyaasaa tokko malee lammiileen hundi karaa nagayaafi obbolummaatiin kabajachuu akka qabus dhaaman.

Qaamoleen sababa waldhibdee yaadaatiin gargar fagaatanis waliif araaramuun afaan tokkoon, yaada tokkoon Oromoofi Oromiyaaf jedhanii nagaa buusuun waliin akka irreeffatan waamicha waloomaa dabarsaniiru.

Abbootiin Gadaa, nageenyi qabeenya guddaa dhala namaa ta'uu ibsuun falli lolaafi jibbaa jaalala jechuun uummanni Oromoo biyyaa keessaafi alaa nagaa waaressuun ayyaanasaa nagaan kabajachuun murteessaa ta'uu eeraniiru.

Ummanni Oromoo tokkummaa, jaalalaafi nageenyasaa eeggachaa ayyaanicha kabajachuun Irreechi ayyaana waloofi waloomaa ta'uu mirkaneessuu qabas jedhaniiru

Uummanni Oromoo injifannoo argate kunuunfachaa ayyaanni Irreechaa nageenya, tokkummaa, jaalalaafi dinagdee ta'uu hubachuun yaamicha mootummaan keessummoota biyya alaatiif taasise tumsinee waloomaan ayyaana keenya dirree tokkummaafi obbolummaa ta'uu ishii addunyaatti muldhisuu qabnas jedhan.

Irreechi Oromoo ilaalcha siyaasaa kamirraayyuu bilisa ta'uu beeknee miira tokkoon waliin baanee irreeffannee nagaan galuun guddina Oromoo guutuu addunyaatti muldhisuu akka qabnus Abbootiin Gadaafi Jaarsoleen biyyaa kunniin dhaamaniiru.

*Maddi: Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa*

# AADAAFI AARTII

## "Mucaan koo magaalaatti...

leenjii kan kenne yoo ta'u, bara bajataa kanatti ammoo namoota 500 leenjisuuf karoorfatee hojiitti seeneera.

Inistiitiyuutichi manneen hojii isa fakkaatanirratti fedhii keessaafi alaa dhufurratti hundaa'uun qorannoo ni adeemsisa, leenjiis ni kenna. Manneen hojii gara garaa irrattis sakatta'iinsa adeemsisuun rakkoo manni hojichaa qabu itti himuun gorsa barbaachisu kennaafii jira. Hojii kana Komiishinii Turizimii Oromiyaa, Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaafi Inistiitiyuutii Qo'annoofi Qorannoo Oromoorratti hojjenneera. Leenjiin kennamu irrajireessaan hawaasni gara aadaafi duudhaa ganamaatti akka deebi'u taasisuurratti xiyyeeffata.

Instiitiyuutiin keenya aadaafi duudhaa Oromoo ganamaa deebisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Sochii mootummaan Naannoo Oromiyaa aadaafi duudhaa Oromoo ganamaa deebisuuf taasisaa jirus bareeda. Aadaafi duudhaa Oromoo ganamaatti haadeebinuun afaan qofaan waan hinmilkoofneef mootummaan naannichaa dhimmi kun labsiidhaan deeggaramee akka hojiirra oolu taasisaa jira.

Inistiitiyuutiin keenya aadaafi duudhaan Oromoo ganamaa nageenya waaraa buusuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf Ministeera Nageenyaafi Ministeera Aadaafi Ispoortii waliin dhimma nageenya biyyaalessaarratti hojjechaa jira. Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaas ta'e Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktar Abiyyi Ahmadis aadaafi duudhaa ganamaa deebisuurratti ejjennoo cimaan irratti hojjechaa jiru. Kun akka hawaasni aadaafi duudhaasaa ganamaatti deebi'u taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Aadaafi duudhaa keenya ganamaatti utuu deebinee rakkoolee qabnu hundumaa furachuu dandeenya. Hojii aadaafi duudhaa keenya ganamaatti deebi'uuf raawwatamaa jiruun jijjiiramni ajaa'ibaa mul'achaa jira. Manni murtii aadaa hundaa'es mana murtii idilee caalaatti ummata tajaajilaa jira.

Manni murtii aadaa dubbii waggoota dheeraaf lafarra harkifateefi ragaan itti dhabamee furmaata dhabeef furmaata kennaa jira. Manni murtii idilee ragaarratti hundaa'uun murteessa. Manni murtii aadaa garuu dhugaafi haqa baasuurratti xiyyeeffatee hojjeta waan ta'eef hawaasa bal'aa biratti fudhatama guddaa qaba.

Daangaan mana murtii aadaafi mana murtii idilee gidduu jiru garuu sirriitti beekamuu qaba. Rakkoo har'a abbootii Gadaarratti arginu kun kan dhufe mootummaan waan harka keessa galfateefi. Fakkeenyaaf Abbaa Gadaa Aanaa, Abbaa Gadaa Gamtaa, Abbaa Gadaa Magaalaa, Abbaa Gadaa Godinaa waanti jedhamu Aadaa Oromoo keessa hinjiru. Akka aadaa Oromootti Abbaa Gadaa Sikkoo Mandoo tokkotu jira. Abbaa Gadaa Maccaafi Tuulamaa tokkotu jira.

Abbootiin Gadaa sadarkaa gandaa, aanaa, magaalaafi godinaatti jiran hojii mootummaa fakkaatu hojjetu. Kun ammoo dhugaafi haqarratti hundaa'uu dhabamsiisa. Kanaafuu dhaabbilee mootummaan aadaafi duudhaa Oromoo ganamaarratti hundaa'uun labsiidhaan deeggaree hundeesse kanneen akka mana murtii aadaa, buusaa gonofaa, gaachana sirnaa, tajaajilli lammummaa asilummaa ykn aadummaasaa akka gad hinlakkifneef dura sirriitti qorachuun barbaachisaadha.

Aadaan Oromoo ni tuttuqame malee ammayyuu sirriitti hiqoratamne. Mootummoota darban keessa aadaafi duudhaa Oromoo balleessuuf baajati ramadamee irratti hojjetamaafi irratti duulamaa ture. Yeroo ammaa ammoo aadaafi duudhaa Oromoo laafeefi bade ture qoratamaa jira.

Qorannoon taasifameefi taasifamaa jiru garuu rakkoolee adda addaa qaba. Qorannoowwan tokko tokko irra keessa waan adeemsifamaniif dhugummaa aadichaa sirriitti hinibsan. Qorattoonni tokko tokko ammoo akkaataa ofii barbaadanitti qorachaa jiru. Isaan kaan ammoo digrii lammaffaafi sadaffaaf ittiin eebbifamuuf jecha akka isaaniif tolutti qorachaa jiru.

Inistiitiyuutiin Qorannoo Misooma Afaan, Aadaafi Aartii Oromoo bara 2012 keessa hundaa'us aadaan Oromoo sirriitti qorachuu kan jalqabe reefuudha. Aadaan Oromoo hayyoota gara garaan sirriitti qoratamee labsii qofa utuu hintaane imaammata mootummaa akka ta'uuf sirriitti qorachuufi irratti hojjechuun barbaachisaadha. Waa'een Gadaa Oromoos sirriitti qoratamee akkaataa sabootaafi sablammootaaf ta'uun Heera biyyattiitti dabalamuu qaba.

Aadaan sabootaafi sablammoota biyyattii biroos sirriitti qoratanii heeraafi seera biyyattiitti dabaluun barbaachisaadha. Manni murtii aadaa kanaaf fakkeenya gaariidha ta'a. Kanaafuu mootummaan aadaa sabootaafi sablammoota biyyattii hayyoota qorachiisee heeraafi seeratti dabaluu qaba.

Heerri biyyattin ittiin bultu hedduunsaa biyyoota Ingiliziifi Faransaayiirraa waraabame. Sirna Gadaa keessaa heerri waraabamuu danda'a. Aadaafi duudhaa Oromoo akkaataa nama yeroo ammaaf ta'utti sirriitti qoratanii yoo ittiin jiraachisan biyya kanaaf furmaata ta'a. Adaafi duudhaan Oromoo gama nageenyaa, hawaasummaa, dinagdee, qabeenya naannawaa eeguufi kunuunsuutiin jiru biyya kanaaf qoricha ta'a.

Hundumtuu waan gochuu danda'u haa godhu. Hayyuunis qorannoo barbaachisu adeemsisuu qaba. Mootummaanis garaa bal'atee hayyoota kana waliin hojjechuu qaba. Ilmoo keenya aadaafi duudhaa keenya barsiifnee itti guddisuu qabna. Magaalummaan kan Afaan, aadaa, duudhaa Oromoo dhiibu ta'uu hinqabu. Mucaan koo magaalaatti waan guddateef Afaan Oromoo hinbeeku jechuun safuu ta'uu qaba. Aadaa, duudhaafi afaan keenyaan jiraachuufi ilmoo keenya itti guddisuu qabna.

Inistiitiyuutii Qorannoo Misooma Afaan, Aadaafi Aartii Oromoo hanqina humna namaa qaba. Hanqina humna namaa utuu qabuu fedhii jiru guutuun rakkisaadha. Inistiitiyuutichi hanqina humna namaa jiru furuuf barsiisota Yunivarsitii Naannoo Oromiyaa damee Baatuutti akkasumas namoota leenjisuudhaan itti gargaaramaa jira.

Inistiitiyuutichi gamoo mataasaa waan hinqabneef (mana kiraa keessa) waan jiruuf bakki hojii daran mijataa miti. Hanqinaalee humna namaa, bajataa, lojistiksii inistiitiyuutichi qabu utuu guutamanii hojii qorannoofi leenjii amma kennaa jiru caalaa hojjechuu danda'a jedhu Daariktarri Inistiitiyuutichaa Obbo Leeniin Quuxoo Haamdoo.

## Namni hunduu ...

Pirezidaantiin mana marichaa Sheek Jamaal Muusaa akka jedhanitti, masjiida deemanii salaatanii deebi'uun, daldalanii qabeenya horachuun, dhala godhatanii guddifachuun, bahanii galuun yoo nageenyi jiraate waan ta'eef dhimmi nageenyaa dhimma nama hundaa ta'uu qaba jedhan.

Duudhaan Islaamummaa nageenya kan barsiisu ta'uus himanii; Islaamni tokko yommuu nagaa nama gaafatullee "Nageenyi sirratti yaa ta'u" kan jedhuun amantii Islaamaa keessatti waa'een nageenyaa xiyyeeffannoo addaa kan argate ta'uu agarsiisa jedhaniiru.

Arjoominni, waldeggaruufi tokkummaan obbolootaas duudhaalee amantichaa ta'uu himanii; duudhaalee kanneen yoo guddina biyyaatiif ittifayyadamne waliin guddachuu, walii nahuufi waliin biyya misoomsuutu ta'a jechuun ibsaniiru.

Warra harkaqal'eeyyiif garaa laafan Rabbi ni jaalata, yoo harkaqal'eeyyiif harka hindiriirsine kadhannaan nuti taasisnu waan fudhatama qabneef Shariyaa keessatti harkaqal'eeyyiif arjoomuun dirqama ta'ee murtaa'eera. Qabeenyi dureeyyotaas kan mataasaanii qofa osoo hintaane Rabbitu karaasaanii harkaqal'eeyyii dheebuufi beela baasuuf isaan bira imaanaadhaan kaawwate jedhan.

Barsiisaafi jireenya Nabiyyuu Mahaammad bu'uura godhachuun lammiileen biyyattii wayita ayyaanicha kabajanis ta'e yeroo hunda karaa tokkummaa obbolummaafi jaalala agarsiisuun jiraachuun misooma biyyasaanii keessatti hirmaachuu akka qaban Sheek Jamaal waamicha dhiyeessaniiru.

## Finfinneetti barattoota Afaan Oromoo

Afaan Oromootiin barsiisuuf murtaa'ee hojjetamaa jira.

Bara 2012 irraa eegalee Biiroon Barnoota magaalichaa caasaa haaraa hojjetee, caasichaanis sadarkaa magaalaatti sirni barnoota Afaan Oromoo Daarektaraan akka bulu, Kutaa Bulchiinsa magaalaatti ammoo Gaaggessaa Gareetiin akka gaggeeffamu taasifame. Haaluma walfakkaatuun sadarkaa Aanaatti bu'uura caasaa haaraa kanaatiin ogeessootni 14 wajjiira barnootaa keessatti kan barbaachisan ta'uu qoratamee isaan keessaa walakkaansaanii (namni torba) manneen barnoota Afaan Oromoo akka deeggaraniif jedhamee caasaan haarofti hundaa'e.

Aanaarratti ogeessota kilaastara supparvaayizaraa jira shan keessaa tokko gaggeessaa yoommuu ta'u, yoo xiqqaate ogeessota afran hafan keessaa namni lama nama Afaan Oromoo beeku akka qabu hojmaata diriirsuun hojjetamaa jira.

Caasaa manneen barnootaa keessatti adeemsi baruufi barsiisuu akka hin gufanne gochuuf gaggeessuummaas ta'ee, gita hojiiwwan garaagaraarratti namootni ilaalcha sabdaneessummaa qaban akka iddoo argatanis taasifamaa jira jedhaniiru. Baroota kanaan dura turan keessa yeroo adda addaatti namootni ergama siyaasaa adda addaa fudhatanii ijoolleen akka afaan Oromootiin hin baranne hojjechaa turanirratti tarkaanfiin garaagaraa fudhatameera.

Bara darbe waliigalatti sagantaa hundaan barattootni kuma 100 ol ta'an Afaan Oromootiin barachaa kan turan ta'uu, yaadachiisanii barana manneen barnootaa mootummaa hunda keessatti Afaan Oromootiin barnoota kennuuf karoorfameera jedhan.

Kutaalee bulchiinsa magaalaa tokko tokko keessatti ijoollee baratan dhabuun rakkoon mudachaa jiraachuu himanii; iddoowwan akkanaa kanatti hanga fedhe xiqqaatus baratuma argameen barnootni ni jalqabama jedhaniiru. Kana gochuunis sagantaa idileetiin, galgalaatiinifi ga'eessotaatiin barsiisuun baay'ina barattoota Afaan Oromoo kanaan dura turee dhibbantaa digdamaan dabaluuf karoorfameera.

Kanamalees, Murtoo mootummaan barataan tokko afaan dabalataa tokko akka baratuuf murteesse akka carraa gaariitti fayyadamuun, biirichi Yunivarsiitii Barnootaa Kotobee waliin ta'uun qorannoo taasisuun barattootni manneen barnoota dhuunfaa dabalatee Finfinnee keessatti barachaa jiran Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti akka baratan taasiseera.

Yunivarsiitii Barnootaa Kotobeetti, Qorataan Sirna Barnootaa Doktar Yoosef Beekoo gamasaanitiin akka jedhanitti, Sirni barnootaa afdaneessaan dhaloota bekumsa waliigalaa gonfate uumuuf, dinagdee guddisuufi, sabaafi sablammoota gidduutti hariiroo gaarii uumuuf faayidaan inni qabu olaanaadha.

Qorannoowwan garaagaraa bu'uura godhachuun Hayyuun kun akka jedhanitti, namootni afaan tokko qofa beekan namoota afaan hedduu beekanirraa dhukkuba irraanfannaaf kan saaxilamaniidha. Gama dinagdeetiinis iddoo tokkoo gara iddoo biraa deemanii hojjetanii milkaa'udhaaf rakkinatu isaan mudata.

Afaan meeshaa waliigalteeti hiikni jedhu hiika duubatti hafaadha kan jedhan Hayyuun kun afaan keessa beekumsa, falasama,Aadaa, afoola, bekumsaafi dinagdeetu jira jedhaniiru. Haala qabatamaa biyya Itoophiyaatiin sabni tokko afaan saba biraa yoommuu baratu jaalalliifi kabajni inni saba sanaaf qabu waan dabaluuf sirni barnoota afdaneessaa walitti bu'iinsa maqaa sabaafi sablammootaatiin uumamu hir'isuufi eenyummaa biyyaalesssaa olkaasuuf gaheen inni qabu olaanaadha jedhaniiru.

Itoophiyaatti imaammanni sirna barnoota afdaneessaa jiraachuu yaadachiisanii, kanaan dura hojmaanni akkasii waan hin turreef hawaasni biyyattii iddoo heddutti osuma walkeessaafi walbukkee jiraatanuu inni tokko afaan isa tokko barachaa hin turre, kunimmoo akka lammii biyya tokkootti walirraa bituufi walitti gurguruurratti iddoo baay'etti lammiileen akka rakkatan sababa ta'aa jiraachuu dubbatu.

## Oromiyaatti gaaga'ama...

Bahaatti mudate waggoota 40 as isa hamaafi gaaga'ama olaanaa dhaqqabsiiseedha. Miidhaan oyiruurra jiruu gubee balleessuutti dabalee lubbuu beeyiladoota hedduu galaafachuun ummata rakkoo hamaaf saaxiluu danda'eera.

Biyyootni Bahaafi Gaanfa Afrikaa hongeedhaan dararamaa turan kunneen ammaan tana ammoo rooba hangaa oliin sigigaafi balaa lolaatiin akka malee hubamaa jiru. Bara 2016 qofa biyyootni ollaa Itoophiyaa kanneen akka Keeniyaa, Taanzaaniyaa, Ugaandaa, Burundii, Sudaan, Sudaan Kibbaafi Somaaliyaatti yoo xiqqaate namootni miliyoona 1.6 rakkoo hamaaf saaxilamaniiru.

# Abbaa Sa'aa


Obbo Shimallis Abdiisaa


Obbo Araggaa Kabbadaa


Obbo Xilaahun Kabbadaa


Obbo Indaashaawu Xaasoo


Obbo Geetaachoo Raddaa


Aadde Adaanachi Abeebee


Aaddde Alamituu Uboongi


Obbo Ordiin Badrii


Obbo Musxafee Mahaammad


Obbo Kadir Juhaar


Obbo Awwal Arbaa


Obbo Dastaa Leedaamoo


Doktar Injiinar Nagaash Wageeshoo


Obbo Ashaadlii Hasan

## Milkaa'inoota bara 2016fi karoora 2017 pirezidaantonni naannoleetiin ibsaman keessaa

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

Barri 2016 gaariis ta'e aarii qabuun godaannisa lafa kaa'ee akka lammata hin deebinetti darbeera. Itoophiyaan biyya jabduu qormaatilee walxaxa keessatti tokkummaashee itichuun guddina saffisaa galmeessisuu dandeesseedha.

Guddinniifi qormaatni biyya sabdaneettii tanaa kan waloo waan ta'eef imala egereetiin milkaa'inaafi hudhaalee turan kallattii naannootiin ilaaluun barbaachisaadha. Pirezidaantonni naannolees hanqinootaafi milkaa'inoota turan bu'uura godhachuun bara haaraa kanatti hawwii xiiqiin guutame haala armaan gadiin ibsaniiru.

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa akka jedhanitti, qormaatni rogawwan maraa naannicha mudate carraatti jijjiiramee milkaa'inoota hedduuf sababa ta'eera. Barri darbe bara qormaatawwan hedduu keessatti milkaa'inni galmaa'e osoo hintaane pootenshaala naannichi qabu adda baasuun yoo qixa sirriin ittifayyadamne raajii dalaguun akka danda'amu kan itti hubatameedha. Karoora xiiqii baasuufi hogganuun badhaadhina naannichaa yeroo gabaabaa keessatti milkeessuu akka danda'amus muuxannoon horatameera.

*Barri 2016 gaariis ta'e aarii qabuun godaannisa lafa kaa'ee akka lammata hin deebinetti darbeera*

Akka biyyaattis ta'e naannichaatti haala kanaan dura hinbaratamneen cittuun lafaa osoo hinhafin lafa agabuu bulaa ture bonaafi ganna misoomsuun Oromiyaan callaa kuntaala miliyoonotaan lakkaa'amu omishuun bara itti abdii egeree biyyaa ta'uunshee itti ibsameedha jedhanii, bara qonnaan bulaan naannichaa karooraan qotuu qofa osoo hintaane galii qonnarraa argatu qusatee gara invastimatiitti ce'uun namoota baay'eef carraa hojii uumuu danda'uun itti mul'ate ta'uu yaadachiisaniiru.

Naannicha sirna jabaa jiru giddugaleeffachuun sabni Oromoo duudhaasaa ganamaatti deebi'uun mana murtii aadaatiin hanqni abbaa haqaaf akka deebi'u, Buusaa Gonofaan nama rakkatee eggattummaa alagaa tokko malee tumsuun akka danda'amu bara bu'urri jabaan itti buufame ta'uu eeranii, tajaajila lammummaatti fayyadamnee bara itti milkaa'inoota gama siyaas dinagdeefi hawaasummaatiin ummata keenya boquu olqabachiisan kan itti galmeessisneedha jedhan.

Akka isaan jedhanitti, ummanni Oromoo sirna ta'uuf ijaarrate; sirnasaa tursiifatee injifannoosaa bulfachuuf hojjeta. Karoorri diinni bara baraan Oromoo qilee rakkinaa, boo'ichaafi gadadoo keessatti ilaaluuf karoorses aarsaa qaaliin fashalaa'eera. Hojii harka tokkoon diina qolachaa gama biroon ammoo waamicha nagaa taasifameen dargaggootni hedduun gowwomfamanii darara ummataarratti bobba'an daandii nagaatti deebi'aniiru. Barri 2016 bara mootummaan naannichaa mootummaa qormaataa jilbeefatu osoo hintaane carraatti jijjiire fayyadamummaa ummata naannichaa mirkaneessuu ta'uun bara itti hubatameedha.

Haaluma walfakkaatuun Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Amaaraa Araggaa Kabbadaa akka jedhanitti, ummata naannichaa nageenya fedhuufi kutannoo hoggansaan rakkoo hamaa bara 2016 naannicha mudate obsaafi jabinaan darbuun danda'ameera. Amma boqonnaa ummata naannichaa gonfinuufi gadjennee tajaajillurra geenyeerra, barichi bara itti tokkummaan jabaannee hojjechuun biyyattii idaarraa gara miindaatti ceessisuun dhaloota ittaanu gammachiisan akka ta'us hawwaniiru.

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Itoophiyaa Kibbaa Obbo Xilaahuun Kabbadaa gamasaaniin, fayyadamummaa rogawwan maraa ummata naannichaa mirkaneessuuf hojii bal'aan hojjetame bu'aa argamsiiseera.

Gama qamadii jallisii bonaatiin, sagantaa ashaaraa magariisaan, sagantaa maaddii guutuutiin omishaa kuduraafi muduraatiin bu'aa abdachiisaan argameera. Riifoormiin qaamolee haqaa taasifame, ummatni qaamolee haqaarraa amantaa akka qabaatu taasiseera.

Bara 2016 qindoominaan mikaa'ina gama hundaa galmeessisuu eegalus balaan uumamaa (sigiga lafaa) lubbuufi qabeenya balleessuutti gadduu eeranii, kunis eegumsa naannoorraa hojmanee bal'aan jiraachuu mul'isa jedhan. Ummata balaa kanaan buqqa'ee ummattoota Itoophiyaa walta'uun deebisnee dhaabuun tokkummaafi obbolummaa keenya addunyaatti argisiisneerra jedhaniiru. Barana jibba buqqisanii gatuun obbolummaafi tokkumma dagaagsuurratti akkasumas fayyadamummaa ummata naannichaa gara caalutti ceesisuuf hunduu gaheesaa akka ba'u waamicha dhiyeessaniiru.

Pirezidaantiin Itoophiyaa Giddugaleessaa Indaashaawu Xaasoo gamasaaniin akka jedhanitti, bara haaraa kanatti yaada, qaamaafi qalbiin tokkummaa uumuun akka naannichaattis ta'e biyyaatti milkaa'inoota haaraa galmeessuuf cimanii kan hojjetan ta'uu himaniiru.

Pirezidaantiiin Bulchiinsa Yeroo Naannoo Tigraay Obbo Geetaachoo Raddaa ummata Itoophiyaa, dhalataa naannichaafi naannichaan ala golee addunyaa hundaarra jiraatuun baga bara haaraa nagaan geessan jechuun, barri haaraan kun bara tokkummaafi qindoominaa akka ta'u hawwii qaban ibsaniiru.

Haaluma walfakkaatuun pirezidaantonni naannolee Hararii, Gaambeellaa, Affaar, Beenishaangul Gumuz, Itoophiyaa Kibba Lixaa, Somaaleefi Sidaamaa akkasimas kantiibonni Finfinneefi Dirree Dhawaa bara haaraa kanatti dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi kkf irratti xiyyeeffannaan akka hojjetamu ibsuun barichi kan nagaa, fayyaa, badhaadhinaafi milkii akka ta'u hawwaniiru.

# ODUU

## "Barsiisota qorumsa ga'umsa ogummaa fudhatan 25000 keessaa kan...

Akka ibsasaaaniitti bara barnootaa 2016 keessa barsiisota digriifi dippiloomaa 25000 qormaata ga'umsa ogummaa kan fudhatan yoo ta'u, kanneen keessaa kan darban 9612 qofa.

Barsiisonni digrii qormaata ga'umsa ogummaa fudhatan 5592 yoo ta'an, qormaaaticha kan darban 1650 ykn dhibbantaa 27.5 jedhu. Sadarkaa barnootaa dippiloomaan qormaaticha kan fudhatan 19096 yoo ta'an, kan darban ammoo 7,962 ykn dhibbantaa 41.7 ta'uu eeraniiru.

Dhimmi cabiinsa barnootaa egeree dhalootaaf balaadha kan jedhan Doktar Tolaan, qormaanni ga'umsa ogummaa barsiisotaaf kennameefi firiin galmaa'e xiyyeeffannoon misooma barnootaaf kennamuu malu cimuu akka qabuuf agarsiistuu guddaa ta'uu eeraniiru.

Kufaatiin qormaata ga'umsa ogummaa barsiisotarratti galmaa'e akaakuu barnootaa Ingiliffaafi Herregarratti kan fuulleffatte akka ta'ellee kaasaniiru.

Yoo hudhaan hundeerraa furamuu baate dhaloota ga'umsa qabu horachuun waan hindanada'amneef warreen qormaata ga'umsaa darbuu dadhabaniif leenjiin ga'umsa ogummaa dandeettiinsaanii ittiijaaramu akka kennamuuf haalli mijataan uumamaa jiraachuus ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti giddugalli dagaagina Ogummaa magaalaa Adaamaatti kan hundaa'e yoo ta'u, barsiisota qorumsa ga'umsa ogummaa darbuu dadhabaniif leenjii ijaarsa dandeettii kennuun isaan cimsuuf hojiitti seenameera.

Giddugalichi yeroo ammaatti barsiisota kanneen simatee ijaarsa dandeettii ga'umsa ogummaa kennuu kan jalqabe yoo ta'u, kolleejjicha babal'isuun ga'umsa barsiisaa cimsuun dhimma murteessaa waan ta'eef si'aayinaan irratti hojjetamaa jira.

Qormaanni ga'umsa ogummaa fuuldurattis kennamaa kan deemu ta'uu ibsanii, kanneen qomaaticha darbuu dadhaban giddugala dagaagina ogummaatti leenjii gahaa akka fudhatan taasisuun warraaqsa misooma barnoota qulqullina qabuu milkeessuuf humna guutuun kan hojjetamu ta'uus ibsaniiru.

Hudhaan biraa damee barnootaa booddeetti harkisaa jiru daa'imman guddatoo sadarkaa gadiirraa kaasanii barnootaan ijaaraa deemuu dhabuu ta'uu kan kaasan Doktar Tolaan, yeroo ammaattis xiyyeeffannoo kennuufiin Barnoota Idileen Duraa (BID) rratti hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Oggaa daaw'annaaf gara manneen barnootaa tokko tokkootti baanu barataan kutaa 3ffaa keessa taa'ee barreessuufi dubbisuu akka hindandeenye qabatamaan argineerra jedhanii, kun barnoota idileen duraarratti xiyyeeffannoon akka kennamuuf agarsiistuu nuu ta'eera jechuun ibsaniiru.

Bu'uuruma kanaan barnoota idileen duraarratti haala mijeessitoota barbaachisoo ramadaa, baruufi barsiisuu si'eessuuf hojiitti seenamuu ibsanii, barsiisonnis hanga imaanaan kennameef dhaloota egeree qaruu ta'etti of kennanii hojjechuu akka qaban dhaamaniiru.

Akka naannootti hanqinni barsiisaa numudate naannawa kuma 24 yoo ta'u, hudhaa dabalataa qulqullina barnootaa ta'e kana bara barnootaa 2017 keessa furuuf tattaaffii taasifamaa tureen barsiisonni haaraa garagaraa simatamanii leenjii fudhatan ramadamanii hojii baruu barsiisuu ittifufu jedhaniiru.

Mootumman gamasaatiin waggoota afurii as manneen barnootaa addaafi bultii Addaa dabalataan misoomsuun barnoota qulqullina qabuu dhaloota saayinsiif teknolojiin of gahe horachuuf humna guutuun hojjetaa akka jiru ibsanii, lakkoofsa manneen barnootaa guddisuun barattoota adda duree simatanii barsiisuun ogummaawwan gara garaatiin gahoomsuuf hojiitti jiraachuus eeraniiru.

Bakkeewwan baruu barsiisuun walhingeenye, bakka dargaggoonniifi kutaaleen hawaasaa garagaraa dhiibbaa kanaandura tureen carraa barnootaa tokkollee hinarganne akka Shaggarfaarratti xiyyeeffannoo kennuun barnoota saffisaa dubbisuufi barreessuu dandeessisu akka argataniif haalli mijataan uumamaa jiraachuus kaasanaiiru.

Baruu barsiisuu bara 2017 karaa si'ataafi qulqullina qabu waliin gahuun harcaatii akka naannootti mudachuu malu maqsuuf sochii mootummaan taasisaa jiru cinatti hawaasni manneen barumsaafi abbootiin qabeenyaa hirmaannaa taasisuu akka qaban Doktar Tolaan dhaamaniiru.

## Bara 2017 milkaa'ina...

riifoormiin eegalame bara itti milkaa'u akka ta'us hawwiisaanii ibsaniiru.

Waaqni kaleessa dha'aa galaanaafi bubbee jabaa keessatti biyyattii milkeesse boriifis abdii akka ta'e yaadachiisanii; bara 2017 gamtaan hojjechuuf hunduu of qopheessuu akka qabuufi milkaa'inni ammoo hojii Waaqaa ta'uu ibsaniiru.

Barri haaraan abdii haaraa akka gonfannu nu dirqisiisa, ummatni biyyattii aadaa walgargaaruu, waltumsuufi walutubuu cimsee ittifufuu qaba kan jedhan ammoo Pirezidaantii Itoophiyaa Aadde Sahaalawarqi Zawudeeti.

Afyaa'iin Mana Maree Federeeshinii Obbo Aganyahu Tashaagar gamasaaniin barri 2017, bara tokkummaan ummataa cimu, waldhiibuurraa gara wal utubuutti, walfalmuurraa gara waliin mariitti, hiyyummaa gara badhaadhinaatti itti ce'amu akka ta'u hawwii qaban ibsaniiru.

Bara kanatti dhangalaatiin dhiigaa walii waliin dhaabbatee, biyya sabdaneetti taate Itoophiyaatti aadaan walkabajuufi waldanda'uu dagaagee bara itti garaagarummaa keessatti tokkummaan badhaadhina biyyatiif dhaabannu akka ta'uuf hunduu cimee hojjechuu qaba jedhanii; manni marichaas milkaa'inoota bara darbe galmaa'an gabbisuu cinatti bara kanattis hojii iftoomina, haqaqabeessaafi walqixxummaa ummattootaa bu'ureffatan cimsee kan ittifufu ta'uu Obbo Aganyahu hubachiisaniiru.

Komishinarri Olaanaan Komishinii Marii Biyyaalessaa Pirofeesar Masfin Arayaa gamasaaniin akka ibsanitti, barri 2016 bara rakkoolee ulfaatoofi milkaa'inoonni itti galmaa'aniidha. Ta'us bara 2017tti hojiiwwan abdii namatti horan hedduun eegalamaniiru.

Waldhabbii barootaa mariin goolabuun tokkummaan gara guddina biyyaatti fuula deebifachuuf bakkoota hedduutti calallii hirmaattotaa xumuruun calalliin ajandaa marii adeemsifamaa jira. Kanaafuu, marii furmaata rakkoolee biyyattii ta'e kana milkeessuuf hawaasni keessaafi alaa tumsa barbaachisu akka taasisu dhaamaniiru.

## Somaaliyaan dantaa Gibxiif Itoophiyaan waldhabuuf ...

Somaaliilaandi waliin taasiftee Gibxii ofii dura rifattee Somaaliyaas rifachiisuu carraaqqii jabaa taasifte. Waliigalteen kun faayidaa waloo kan mirkaneessu malee Gibxis ta'e Somaaliyaarratti dhiibbaa akka hinqabne Hayyootni seenaafi siyaasaa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf yaada kennan ibsaniiru.

Pirofeesar Ahmad Zakkaariyaa akka jedhanitti, Itoophiyaafi Somaaliyaan aadaa, seenaafi jireenya hawaasummaan ummattoota walitti hidhamiinsa jabaa qabaniidha. Kanarraa ka'uun Itoophiyaan nageenyaafi tokkummaa Somaaliyaa itichuuf biyya kamuurra aarsaa kaffalteetti.

Seenaa keessatti carraa argatte hundaan Itoophiyaa miidhuu kan feetu Gibxi waraanashee waliin Somaaliyaa seenuun biyyattiif bu'aa argamsiisuuf osoo hintaane dirree waraanaa taasisuuf qofa. Gibxii Pirezidaantii biyyattii qabattee Somaaliyaa dachee waraanaafi weeraraa gochuuf malee Itoophiyaa caalaa Somaaliyaaf aantummaa akka hinqabne ummatni Somaaliyaa hubatee mormuun haqa sirriifi qajeelaadha.

Gibxi guddachuu Itoophiyaa akka xinneenyasheetti waan ilaaltuuf durii kaastee Itoophiyaa gufachiisuufi olloota waliin walitti buusuurratti onnattee hojjetaa jirti. Keessattuu ijaarsa hidha Laga Abbayyaa gufachiisuuf dhagaan hingalagalchine hinjiru. Kana ammoo ummata Somaaliyaa qofa osoo hintaane ummatni addunyaa bareechee beeka. Itoophiyaan garuu ijaarsa hidhichaa waan xumurteef Somaaliyaas ta'e biyya biro seenuun ibidda qabsiisuuf yaaluun hagas mara bu'aa hinqabu. Innumaayyuu sodaa daangaa hin qabneen maraachuurra Itoophiyaa waliin hojjechuutu furmaata.

Gibxii hiyyummaa Itoophiyaan badhaadhina qofa eeguu osoo hintaane hojjetanii waliin badhaadhurratti xiyyeeffachuu qabdi jedhanii; kana dura biyyee gabbataa Itoophiyaarraa dhiqamee garasitti geejibamuun gammoojjii omishitee quuftee wayita of wallaaltu Itoophiyaan ammoo beela hamaan waxalamaa turte. Ammaan tana wayita Itoophiyaan sagantaa Ashaaraa Magariisaan jijjiirama haala qilleensaa maqsuun wabii midhaan nyaataafi eegumsa naannoo dhugoomsuu carraaqaa jirtu kanatti Gibxiin harka marattee taa'uun biyyee gabbataa Itoophiyaarraa eegaa akka jirtu qeeqaniiru. Asiifi achii fiiguun dubbii kaasuunis agarsiistuu ta'uu dabalataan ibsaniiru.

Itoophiyaan garuu waraana alkallattii Gibxii abbalaa jirtu kana Gamtaa Afrikaafi dhaabbilee idil addunyaa akkasumas ummata Somaliyaa bal'inaan hubachiisuu cinaatti qaawwa jiru duuchuuf waldhabbii keessoo furuurratti xiyyeeffattee hojjechuu qabdi jedhaniiru.

Dantaa Itoophiyaa mirkaneessuurratti miidiyaalee idiladdunyaarratti falmii adeemsisuun kan beekaman Obbo Muusaa Sheekoo gamasaaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan nageenya Somaaliyaa tiksuu qofa osoo hintaane Somaaliyaan akka biyyaatti akka ittifuftuuf aarsaa lubbuu dabalatee biyya shoora guddaa taphattedha. Har'a Itoophiyaatti kan dhaadataa jiru ummata Somaaliyaa osoo hin taane Somaaliyaatti ergamtoota Gibxiiti. Ummatni Somaaliyaa oolmaa Itoophiyaa waan beekuuf Gibxiin ifatti mormaa jira.

Turkiifi Immireetiin Gamtaa Arabaa bakka buufata loltuu Somaaliyaa keessaa qabaachuu eeranii; Gibxii Itoophiyaan qabattee loltootashee gara Somaaliyaatti ergiteetti. Gibxii Itoophiyaa qofa osoo hin taane Turkiis waan gaarrefataa jirtuuf Somaaliyaa seenuunshee balaa Somaaliyaa bu'aa osoo hin taane yaaddoo guddaa gara dirree waraanaatti ce'uu malu akka ta'es hubachiisaniiru.

Tibba kana miidiyaaleen Gibxii Itoophiyaa Isiraa'elitti maxxansuun diina Arabootaa akka taateetti olola jibbaa afarsaa jiraachuu eeranii; Somaaliyaas baankiifi taankiin kan seente olola kanaan pirezidaantii biyyattii burjaajjessuuni. Itoophiyaan biyya muuxannoo dippiloomaasii waggoota 100 oliin muuxannoo jabaa qabdu waan taateef dhugaa jiru addunyaan ni beeka. Ummatni Somaaliyaafi namootni beekamoon, keessattuu kutaaleen biyyattii ollaa Itoophiyaa jiran weerara Gibxii kana haalaan mormaa akka jiran eeraniiru.

Itoophiyaan shira Gibxii kana qolachuuf tattaaffii dippiloomaasi idil addunyaa cinatti dura butotaa gosaafi hayyoota biyyaatti dhugaa jiru hubachiisuu ittifufuu qabdi. Dhiibee kan dhufu taanaanis qophiin dantaafi birmadummaa biyyaa kabachiisuu xiyyeeffatamuu qaba jedhaniiru.

'BBC' gabaasa Kamisa darbe qabatee ba'een waldhabbiin Itoophiyaafi Somaaliyaa gidduutti mudate Gibxi gabbatee yoo waraanatti ce'e qooda fudhattoota hedduu affeeruun gaanfa Afrikaatti gaaga'ama guddaa dhaqqabsiisuu akka malu hubachiiseera.

Bo'iin Suwiizii kan waggaatti yoo xiqqaate dooniiwwan kuma 17 keessummeessuun doolaara Ameerikaa tiriiliyoona tokko argamsiisufi qooda daldala addunyaa dhibbantaa 12 qabatu rakkoo hamaa keessa seenuun addunyaafuu gaaga'ama guddaa buusuu akka danda'u ibseera. Biyyootni akka Turkii, Immireetii Gamtaa Arabaafi Sawud Arabiyaa waldhabbii kana Fulbaana dhufu araaraan goolabuuf carraaqqii taasisaa jiraachuus eereera.

# ODUU

## Abbaa taayitichaa rakkoo kenna tajaajilaa furuuf dijitalaayizeeshiniirratti xiyyeeffatee hojjetaa jira

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Rakkoo kenna tajaajilaa fooyyeessu hojiin dijitaalaayizeeshinii hojjetmaa jiraachuu Abbaan Taayitaa Konistiraakishinii Oromiyaa (ATKO) ibse.

Ittigaafatamaan abbaa taayitichaa Injiinar Naatinaa'el Geetaahuun ibsa Wiixata darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, abbaan taayitichaa rakkoo kenna tajaajilaa furuuf hojii dijitaalaayizeeshiniirratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Kanaafis, siistamiin Furtuu jedhamu qophaa'ee bara 2016 irraa eegalee hojii keessa galera.

Akka ibsasaaniitti, siistamiiin hojii eegale abbaa dhimmaa deddeebi'uufi harka namaa ilaaluurraa oolchuudhaan hojiin kenni tajaajilaa ATKO saffisa barbaadamuun akka kennamu taasisaa jira.

Hojiin dijtaalaayizeeshii kun qaama riifoomii ATKO ta'uu himanii; ergaa abbaan taayitichaa hundeeffamee booda rakkoolee indastirii konistiraakishii gama dizaayinii, dandeettii kontiraaktaraa guddisuu, tarsiimoo, qajeelfamootaafi istaandardii konistiraakshinii qopheessuun gaheesaa ba'aa jiraachuu ibsaniiru.

Gaheen ATKO dizaayinii ijaarasaafi sanada caalbaasii mirkaneessuun hojii keessa galchuu ta'uu eeranii; qulqullina diizaayinii mirkaneessuuf moosaajii biim moodaliingi jedhamu qofaan dizaayiniin akka qophaa'u taasifamuus beeksisaniiru.

Eeyyama maashinarii konistiraakishiin sadarkaa biyyaatti kennamaa tures





ATKOn dandeettiisaa guddifachuun eeyyama kennuu eegaleera. Bara 2016tti eeyyma maashinarii konistiraakshinii 54 kenneera jedhan.

Ogeessi konistiraakishii tokko wayita hojii konistiraakishinii keessa galu madaalliin ga'umsa dandeettii argachuu qaba. Kanaafis, hoggansa konistiraakishii federaala waliin ta'uudhaan leenjii ga'umsa dandeettii hanga waraqaa ragaa biyyaalessaafi biyyoolessaa argatanitti kennamaa jira. Haaluma kanaan hanga ammaatti waraqaan raga ga'umsa dandeettii namoota 26f kennameera jedhaniiru.

Jijjiirama biyya keessaa, rakkoo nageenyaafi qaala'iinsi gatii meeshaalee ijaarsaa pirojektoti yeroon akka hinxumuramne taasisan keessaa isan ijoo ta'uus himanii; qaala'iinsa gatii to'achuu gatiin walqabatee waantota sirreeffamuu qaban akka sirreeffaman, naannawa rakkooleen nageenyaa jiranitti qaamolee nageenyaa waliin rakkinicha furuuf marii bal'aan geggeffamuu ibsaniiru.

Bara 2017tti fedhii ijaarsaa naannoo Oromiyaa kan waggoota shanan fuulduraa maal akka ta'e qorachuu, madaallii kontiraakitarootaa geggeessuurratti akka xiyyeeffatamu himanii; maamila ATKOn baga booqaa birraatti nagaan ceetan jedhaniiru.

Ittigaatamtuu ittaantuun abbaa taayitichaa injiinar Leensaa Margaa gamasaaniin, dameen reegulaatoorii pirojektota naannichatti hojjetaman dizaayiniirraa eegalee hanga walharkaafuudhiinsaatti mirkaneessuffi hordofuudha jedhan.

Akka ibsasaaniitti, industiriin konistiraakishinii rakkoo keessa waan jiruuf harkifannaan ijaarsa pirojektotaa jira. Rakkoo dizaayinii, qaala'iinsa meeshaalee ijaarsaafi rakkoo nageenyaan kontiraakiterooti ijaarsaaf fedha akka dhaban taasisa. Rakkoolee kunneen furuuf qaala'iinsa meeshaalee ijaarsaa sirreessuuf qaamta dhimmichi ilaallatu waliin ta'uu qajeelfamin akka ba'u ta'eera jedhan.

Erga qajeelfamni ba'ee as pirojektoti baay'een milkaa'aniiru. Rakkoo dizaayiniin walqabtee hojjetooti abbaa taayitichaa qorannoo geggeessuun akka mirk'anaa'u ta'eera. Erga riifoormiin abbaa taayitichaa hojiirra oolee as pirojektoti baay'een xumuramaa jiraachuu himanii; haaluma kanaan pirojektoti kuma 20 ol naannichatti akka xumuraman taasisuun danda'amuu ibsaniiru.

## Daneessummaa miidhagina Itoophiyaafi...

keessaa akka sabaatti kan isaan waliin dhaabatee biyya gurgure hin jiru. Ta'us kutaalee biyyattii keessaa murnootni garaasaaniIf bulan diina waliin ta'anii biyyarratti hojjetan hin dhabaman.

Garaagarummaa keessatti tokkummaa sabaafi sablammootaa cimsuun biyya jabduu ijaaruuf mootummaan jijjiirramaa haalota mijatoo garaagaraa uumuun hojjechuurratti kan argamu ta'uu Qaammeen 4 bara 2016 mataduree, "Daneessummaa Keenya Nageenya keenyaaf" jedhuun kabajame agarsiiftuudha.

Afyaa'iin Mana Maree Federeeshinii Obbo Aganyahu Tashaagara haasaa taasisaniin akka jedhanitti, sabdaneessummaa keessa tokkummaan jiru biyyattiin qormaata birmadummaashee mudachaa ture akka injifattu taasiseera.

Sabdaneessummaa keenya badhaadhina hundagaleessaafi nageenya itti fufiinsa qabuuf oolchuutu barbaachisa jedhanii; biyyattii keessattii danoomina bulchuufi keessummeessuuf kan gargaaru sirna Fedaraalizimii Sabdaneessaa ijaaruurratti argamna jedhaniiru.

Sabdanessummaan kennaa bu'aa gootummaan eegamee har'a gahe ta'uu himanii: kennaa kana eeguufi kunuunsuudhaan sabaafi sablammootni biyyatti nageenya waloofi birmadummaa biyyaatiif akkuma kaleessaa waliin dhaabachuu qabu jedhaniiru.

Guyyaa Daneessummaa Giddugala Aadaa Oromootti kabajamerratti sabaafi sablammoota garagaraa hirmaachuun Itoophiyaaf daneessummaan miidhagina malee rakkoo miti jechuun Gaazexaa Bariisaaf yaadasaanii kennaniiru.

Barsiisaan Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Qalamawarqi Taarikuu Likkiisaa akka jedhanitti, guddina biyya kanaa tumsuu kan danda'u sabaafi sablammootni biyyattii qabeenya garaagaraa qabu waan ta'eef, hariiroo isaan gidduu jiru cimsuun qabeenya isaan qaban guddina biyyaaf oolchuun yoo hojjetame dinagdeen biyyattii yeroo dhiyoo keessatti guddachuu danda'a.

Rakkoo nageenya maqaa sabaafi sablammootatiin uumamu dhabamsiisuuf hubannoo lammiilee cimsuun barbaachisaa ta'uu himanii; bu'aa siyaasaaf jecha namoota sabaafi sablammoota walitti buusantu jira malee jibbi addaa akka hinjirre yaadachiisaniiru.

Jiraattuun Finfinnee, Kutaa Magaalaa Gullallee, Aanaa 05 Aadde Indaashuu Taammiruu gamasaaniin akka jedhanitti, Sabaafi Sablammootni biyyattii dhiigaan, hawaasummaadhaan jechuunis Afooshaan Iqquubiidhaan, amantiidhaan walitti hidhamiinsa adda citun hin dandeenye qabu.

Kabajaafi jaalalaan waliin jiraachuufis gidduusaanii rakkoon hoomtuu hinjiru kan jedhan Aadde Indaashuu; qaamotni biyyattiif gaarii hin yaadne garuu, maqaa sabaafi sablammootaatiin yeroo walitti bu'iinsa uumantu jira jedhaniiru.

Jiraataan Kutaa Magaalaa Gullallee Aanaa 05 biroo Obbo Balaay Baqqalaa gamasaanitiin akka jedhanitti, qaamotni nageenya biyya kanaa hinbarbaanne dargaggoota hoji dhabdootatti fayyadamanii biyyattii jeequ barbaadu waan ta'eef nageenyi biyyattii akka hin boorofne hojidhabdummaa hir'isuufi sammuu dargaggootarratti hojjechuutu barbaachisa.

Jiraataan Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa, Aanaa 02 Obbo Barakaa Huseenis akka jedhanitti, Itoophiyaa keessatti seenaafi seenessa adda baasanii beekuu dhabuun nageenya biyyaaf rakkoo ta'aa jira.

Miirri wallaalummaarraa madde miirri anummaas waliin jireenya sabaafi sablammootaafi obbolummaadhaaf gufuuhamaata'uuhimanii; gamtaadhaan miira Itoophiyummaafi daneessummaa giddugaleessa godhateen ayyaanota kabajuun ijaarsa biyyaatiif faayidaan inni qabu olaanaadha jedhaniiru.

# ODUU

## Inisheetivii Baala Shaayii: Gulantaa Ittaanu

Mootummaan Naannoo Oromiyaa galmoota sektara qonnaatiin milkeessuuf socho'aa jiru keessaa tokko omisha alergii dabaluu, gosdaneessuufi qulqullinaan guddisuu yoota'u, galma kana milkeessuu keessatti gaheen inisheetivii misooma baala shaayii olaanaa akka ta'u ni eegama.


Misooma baala shaayii aanaa tokko keessatti dhaabbata dhuunfaa tokko qofaan daanga'ee ture, "Labsii Allee" bara 2013 hojiitti galchineen jijjiiruun, yeroo ammaa aanoota guutuu godinaalee Oromiyaa Lixaa afur keessatti babaldhisuu dandeenyee jirra. Bara omishaa 2016/17s, uwwisa keenya dachaa hedduun dabaluuf karoorsinee hojjechaa kan turre yoota'u, biqiltuu baala shaayii dhaabbiif gahe hunda lafa qabsiisuu dandeenyeerra.

Akka Naannoo Oromiyaatti, poteenshaalli gama kanaan qabnu baldhaa waan ta'eef, guddina gaarii hanga ammaa jiru jalqabbiidhaa olitti kan ilaalluu miti.

Bu'uruma kanaan, gama tokkoon gosoota sanyii biqiltuu shaayii heddummina haala qilleensa naannoo keenyaa waliin deeman baldhinaan qopheessuun dhawaata dhawaata uwwisa keenya dabalaa, waggoota shanan dhufanitti, lafa hektaara kuma 500n gahuuf karoorsinee socho'aa jirra.

Gama biraatiin, dargaggeessifi qonnaan bulaan keenya, baala shaayii misoomsuu cinaatti, gara kurfeessuutti (processing) ce'uun, kallattiin "agro-processing" baala shaayii sadarkaa alergii eege irratti baldhinaan akka hirmaatan, paakeejii leenjii ogummaa, dhaweessummaa (entrepreneurship)fi invastimantii qopheessuun akkasumas dhiyeessii faayinaansii mijeessuun jalqabbicha sadarkaa itti aanutti ceesisuu irratti argamna.

Kutannoon hoggansa sadarkaan jiruu, ciminni ogeessota qonnaa, qonnaan bulaa keenyaafi hirmaachisummaan dargaggootaa hanga ammaa ture, daran cimee akka ittifufu dhaamaa, hirmaannaanMootummaan Naannoo Oromiyaa furguga (momentum) adeemsa kanaa eeguuf, kallattiilee hundaan gargaarsafi hordoffii walirraa hincinne kan taasisu ta'uu mirkaneessuun barbaada.



Obbo Shimallis Abdiisa pirezidaantii BMNO



## Aadde Adaanach Abeebee misooma kooriidarii Magaalaa Bishooftuu dawwatan

**Finfinnee:** Magaalonni jireenyaaf mijataa akka ta'an hojjetamaa jira.Miidhaginaafi hawwattummaa magaalootaa dabaluufis magaaloonni misooma kooriidarii akka babal'isan taasifamaa jira.

Magaalaan Bishooftuu ammoo magaaloota misooma kooriidariif xiyyeeffannaa kennuun hojjetaa jiran keessa tokko.

xiyyeeffann Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebees misooma kooriidarii magaalaa Bishooftuutti ijaaramaa jiru daawwataniiru.

Hojiin misooms kooriidarii magaalaa Bishooftuutti eegalame kunis naannawawwan shanitti bakka bal'aa ta'e irratti kan hojjetamu yoo ta'u, of keessattis hojii daandii, daandii miilaa fi biskileetii, paarkiilee bashannanaa uummataa akkasumas hojii daandiilee miidhagsuu kan of keessatti qabateedha.



## Oromiyaatti bara bajataa 2017 aannan liitira biliyoona 3.5 omishuuf karoorfame

**Taammiruu Raggaasaa**

Finfinnee: Oromiyaatti bara bajata 2017 aannan liitira biliyoona 3.5 omishuuf hojjetamaa jiraachhu Biiroon Qonna Naannichaa beeksise.

Biirichatti Qindeessaan Sosochii Maaddii Guutuu Obbo Gomoroo Dheeressaa ibsa Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, naannichatti sosochii maaddii guutuutiin hojiilee milkaa'oo hojjetamaa jiran keessaa tokko misooma aannaniiti.

Omishaafi omishtummaa misooma aannanii dabaluuf nyaatafi fayyaa beyiladootarratti xiyyeeffannoodhaan hojjetama jedhanii; nyaata beyiladaa karaa jal'isiifi idileen toonii miliyoona afurtama omishuuf karoorfameera jedhaniiru.

Loowwan sanyii fooyya'aa horsiisuuf hojii hojjetamuunis jabbileen sanyii fooyya'aa kuma 740n akka dhalatanif kan hojjetamu ta'uu himanii; akka beeyiladootni dhukkubaan hinmiidhamneef beeyiladoota miliyoona 82f talaaliin nikennama jedhaniiru. Du'a jabbilee dhalatanii dhibbantaa11n hir'isuuf karoorfamuu eeraniiru.

Haaluma walfakkaatuun bara bajatichaatti killee biliyoona 4.1, foon lukkuu tonii kuma 120, damma toonii kuma 140, qurxummii toonii kuma 55 omishuuf karoorfamuus Obbo Gomoroon ibsaniiru.

Bara bajataa 2016 misooma aannaniitiin hawaasa fayyadamaa taasisuuf maatiiwwan miliyoona shanii ol gandoota 4277n ijaaruun liitira biliyoona 3.4 omishuun danda'amuu himanii; paakeejii misooma aannanii fayyadamuun dhiyeessii naayitiroojinii dhangala'aa dabalatee deeggarsi galteewwaniifi teknikii taasifame milkaa'ina argameef gahee guddaa taphachuu ibsaniiru.

Dabalataanis bara bajatichaatti foon diimaa toonii miliyoona 1.3, killee biliyoona 2.7, foon lukkuu toonii kuma 104fi 779 damma toonii kuma 73fi 76 qurxummii toonii kuma 25fi 886 kan omishamee ta'uu Obbo Gomoroon ibsaniiru.

Dhiyeessiidhaan walqaabatees akka jedhanitti, bara bajataa darbe naayitiroojiinii dhangala'aa liitira kuma 137, sanyii kormaa doozii miliyoona 2.8 dhiyaateera. Loowwan miliyoona 1.6 diqaalomfamaniiru.

Ispoortii BARIISAA

Tashoomaa Qadiidaatiin

# "Guddina ispoortii atileetiksii keenyaatiif xiyyeeffannaan haa hojjennu"

*- Leenjisaa Komaandar Toleeraa Dinqaa*

Itoophiyaafi atileetiksiin walittihidhamiinsa guddaa qabu. ispoortichi akka aadaashiittis fudhatamaa jira. Ijoolleenshii qaqqaaliin dirree dorgommii irratti hirmaatanirratti injifannoodhaan ummata gammachiisu.

Nuti erga seensaaf hanga jennee waan ogeessi damee ispoortii atileetiksii keessatti maqaa gaariifi beekamtii qaban; leenjisaan garee atileetiksii biyyaalessaa Itoophiyaa Komaandar Toleeraa Dinqaa jedhu ammoo akka ittaanutti dhiyeessineerra.

Komaandar Toleeraan dhalatee kan guddatee naannoo Oromiyaa, Godina Horroo Guduruu Wallaggaa, Aanaa Giddaa Kiiraamuutti yoo ta'u, barumsasaa naannawuma ittidhalatetti kan argamu Mana Barumsaa Sadarkaa Tokkoffaafi Lammaffaa Kiiraamuu barate.

Barumsasaa ittifufuudhaan Finfinneetti akka moggaasa duriitti Kolleejii Barsiisotaa Kotobeerraa ispoortiidhan digrii jalqabaa; digrii lammaffaa ammoo Yunivarsitii Finfinneerraa argateera. Leenjiiwwan atileetiksii Waldaan Atileetiksii Addunyaa "IAAF"n biyya keessaafi alatti sadarkaalee adda addaatti kennus hordofeera.

Komaandar Toleeraan daa'immumaasaarraa kaasee kubbaa kachoo, saaphanaa, kubbaa miilaafi atileetiksii mana barumsaasaatti adeemsifamaa turerratti hirmaateera. Keessumaa fiigichaafi utaalcha lafaa dabalatee kanneen meetira adda addaattiinis hirmaateera. Ispoortii kan isa jalqabsiisan Barsiisaa Gooshuu Birihaanuu jedhaman ta'uus ni dubbata.

Bara 1988-1990tti utuma barachaa jiruu mana barumsaafi godinasaa bakka bu'uun tapha guutuu Oromiyaarratti hirmaachuus Komaandar Toleeraneereera.

Yeroo san leenjistoonni beekamoon garee biyyaalessaa Irreessaa Tolasaa Qottuufi Ireessaa Isheetuu Turaafaan achitti argamuudhaan dargaggoota qabxii gaarii fidan walitti qabuudhaan sadarkaa biyyaalessaarratti akka hirmaatan gochuu yaadachiisa.

Haaluma kanaan Oromiyaa bakka bu'ee akkan dorgomu filatamee tapha guutuu biyyaarratti hirmaachuuf daandiin naaf saaqamte jedha.

"Adeemsa kana keessa gara kilabii Poolisii Oromiyaatti bara 1991 akkan makamuf



Suurri Gababoo Gabreetiin

carraa argadhe. Yeroo san utuman fiigaa jiruu leenjisaa kilabichaa ta'ee gara Boqojjii deemuun hanga bara 1995tti leenjisaas, dorgomaas ta'uun hojjedheera.

Sana booda bara 2002 yeroo kilaboota atileetiksi 20 hundeeffaman Bishootuutti ramadame. Kilaba Poolisii Oromiyaarratti dabalataan achiti leenjiseera.

Haata'u malee yeroo sana waanin barachaa tureef hojiin natti ulfaate. Kanumarraa ka'uun shaakallii ispoortii guutummaatti dhiisee gara leenjisummaatti seene. Achumarraa kaaseen gara leenjisummaa garee biyyaalessaatti dhufe.

Leenjisummaa garee biyyaalessaa kana kanin argadhe ammoo shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaa Koriyaa Kibbaa, Daaduutti adeemsifamerraa kaaseeni. Hanga ammaatti ittuman jira" jedha.

Itoophiyaan keessumaa Oromiyaan burqaa atileetotaati. Yeroo dhihoodhaa as garuu atileetiksiin laafaa jiraatii sababiinsaa maali, sochiin atileetiksii kun naannolee birootti maal fakkaata jennaaniin Komaandara Toleeraan, "Oromiyaan kilaboota heddu haa gurmeessu malee ammaan tana naannoleen Amaaraa, Kibbaa, Tigraayiifi Beenishaangulfaan haala gaariirra jiru. Akka federaalaattis kilaboonni hedduun hundaa'aa dhufaniiru.

Ta'us atileetota ciccimoo argachuun kan danda'amu pirojektii guddatootarraa, dorgommii manneen barnootaafi naannoleerraayyi. Ammaan tana sochiin atileetiksii pirojektotaafi manneen barnootaatti dadhabaa jiru. Taphni guutuu Itoophiyaas dhaabateera. Kanneen fa'itu atileetiksii biyyattii akka laafu taasise" jedha.

Waa'ee umrii atileetotaarratti maal jetta jenneenii, innis "Naannoleen dargaggoota umrii ol dorgommiif dhiheessuun nu hinbaasu. Waa'een umrii kun qaama dorgommii gageessuuf bowwoo ta'aa dhufeera.

Kana sirreessuun qooda hojii federeeshinootarraa eegamuudha; keessumaa kan naannoleerraa. Maaliif yoo jedhame dargaggoonniifi kilaboonni atileetiksii baay'inaan isaan bira waan jiraniif.

Kanaaf raggaa kan ta'u atileetonni barana shaampiyoonaa atileetiksi Addunyaa Peeru, Liimaatti adeemsifamerratti hirmaatan baay'eensaanii warra Akkaadaamii Atileetiksii Xirunash Dibaabaarraa eebbifamaniifi kilabii keessa galanii waggoota dheeraaf turaniidha. Kanaafuu haalli umrii atileetota keenyaa rakkisaa waan ta'eef dhimma xiyyeeffannaadhaan ittiyaadamuu qabuudha" jedha.

Rakkoon naannawa Koree Olimpikii Biyyaalessaafi dhimmamtoota birootti mul'atu maalirraa madde? Furmaannisaa hoo maalinni jetta jennaaniin; "Rakkinichi qaamoleen lamaanuu hojiisaanii beekuu dhabuurraa kan ka'eedha.

Federeeshiniin atileetiksii Itoophiyaa ispoortii atileetiksii to'achuudha hojiinsaa. Koreen Olimpikii ammoo yeroo Olimpikiin dhihaatu federeeshinicha wajjin mari'atee deeggarsa barbaachisu taasisuudha.

Rakkoo guddaan biyya kana keessa jiru haasawuma haasawuu malee rakkina jiru furuurratti hinxiyyeeffatamu. Atileetiksiin manaajarootaafi ejensii maanaajarootaatiin biziinasii (burqaa galii) ta'eera.

Atileetii cimaa kan beeku leenjisaasaadha. Leenjistoonni rakkina jiru waltajiirratti yoo kaasan qaamni dhagahu hinjiru. Yoo cimtee ittifufte gara moggaatti sibaasu. Utuma ogummaa kee jaalattuu hanga ittidhabdutu dhufa.

Ministeerri Aadaafi Ispoortii rakkina kana hundeerraa furuu qaba. Rakkinni kun akka jiru Olimpikii Riyoorraa kaasee olimpikikoota Tokiyoofi Paariisirratti qabxiin biyyattiin argatte hangam duubatti deemaa akka jiru arginneerra. Kanaafuu furmaata kennuun amma.

Atileetonni biyya bakka bu'uudhaan hirmaatan iddoo tokkotti shaakaluu dhabuunis rakkoo atileetiksii keessatti mul'atuudha. Keessumaa atileetonni dubartootaa dhunfaadhaan abbaa warraasaaniin qofa qofaatti leenji'aa jiru. Leenjisaan garee biyyaalessaa kan isaaniin walargu wayita dorgommiif biyya alaa deemuuf ka'an xayyaararratti.

Eenyu cimaa, eenyu ammoo laafaa akka ta'e dirree dorgommirratti akka kanaan duraa walgargaaranii mo'achuun hinmul'atu. Kanaaf furmaanni atileetonni jiddugala tokkotti ogeessaan akka leenji'an gochuudha.

Rakkinni keenya guddaan bu'uura misooma ispoortii baldhinaan dhabuudha. Kan qabnuttis akka barbaadametti fayadamuu hindandeenye. Kanaaf, babal'isa iddoon oolmaa ispoortii atileetiksiirrattis xiyyeeffannaan hojjetamuu qaba.

Itoophiyaan addunyaarratti atileetota ciccimoo horachuudhaan beekamti malee iddoowwan oolmaa ispoortiitiin hinbeekamtu. Tiraakiin atileetiksii Asallaa ture horoomaa bahaa jira.

Akkasumas yeroo dheeraadhaaf tajaajila kennaa kan ture tiraakiin Istaadiyoomii Finfinnee sababii haaressaatiin yeroo dheerraadhaaf cufamee ture. Kan amma jiru tiraakii Qananiisaa Baqqalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa, Sulultaatti argamu qofa.

Inistiitiyuutiin Leenjifi Qorannoo Ispoortii Daraartuu Tulluu dhiheenyatti hojjii jalqaba abdiin jedhu jira. Naannoleen kilaboota heddu gurmeessuudhaan atileetota baay'ee horatanis iddoowwan oolmaa ispoortiif xiyyeeffannaa kennanii otoo hojjetanii gaariidha.

Fakkeenyaaf Keeniyaan bakkawwan leenjii atileetiksii sadarkaa biyyoolessaatti beekaman hedduu qabdi. Atileetiksiinsaaniis hangasuma dargaggoota baay'ee horachuudhaan addunyaarratti beekama.

Afrikaan Kibbaa, Morookoon, Naayjeeriyaan, Ugaandaan, Aljeeriyaa, Taanzaaniyaa, Burkinaa Faasoofa'is warqii kaleesa nuti ittiin dhaadataa turre fudhachaa kan jiraniif waan bu'uuraalee misoomaa ispoortiirratti bal'inaan hojjetaniif waan ta'eef nutis gama hundaan guddina ispoortii atileetiksii keenyaatiif xiyyeeffannaan haa hojjennun jedha.

# Ispoortiin ibsama daneessummaati

**Tashoomaa Qadiidaatiin**

Ispoortiin walitti dhufeenyaafi nageenyaaf meeshaa olaanaa ta'uun mootummaan naannoo Oromiyaa Qaammee 4 bara 2016 hoggantootaafi hojjettoota biirolee jidduutti Guyyaa Daneessummaa mataduree, "Daneessummaan keenya tokkummaafi nageenya waaraaf!" jedhuun sosochii ispoortii qaamaan kabajameera.

Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti Qindeessaan Kilaastara Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Obbo Addisuu Araggaa saganticharratti ergaa dabarsaniin, daneessummaa sirnaan keessummeessuun tokkummaa keenya cimsachaa jijjiirama rogawwan hundaan eegalame ittifufsiisuun murteessaa ta'uu kaasaniiru.

Akkuma abbootiin keenya tokkummaadhaan Adwaarratti seenaa hojjetan dhaloonni kunis Hidha Haaromsa Guddicha Itoophiyaa tokkoomee xumursiisaa jiraachuusaa ibsaniiru.

Garaagarummaa qabnu akka miidhaginaatti fudhachuun badhaadhina eegalame tokkummaadhaan waaressuuf xiyyeeffannaa olaanaadhaan hojjetamuu akka qabus dhaamaniiru.

Guyyuma kan sababeeffachuudhaan walmorkiin michummaa kubbaa miilaa hojjettoota OBNfi Biiroo Qonnaa Oromiyaa jidduutti adeemsifameera.

